# FAYYADAMA AF-HEDDUMMINAA MANA BARNOOTAA DHUUNFAA MAGAALAA BURAAYYUU GAFARSAA GIRIIN KEESSATTI.

**FAYISAA FIQAADUUTIIN**

**WARAQAA QORANNOO ULAAGAA DIGIRII LAMMAFFAA(MA) AFAAN OROMOOFI HOGBARRUU GAMISAAN GUUTTACHUUF QOPHAA'E**

**YUUNIVARSIITII ADDIS ABABAA**

**KOLLEEJJII NAMOOMAA, QO'ANNOO AFAANOTAA, JORNAALIZIMIIFI QUNNAMTII**

**MUUMMEE AFAAN OROMOO HOGBARRUUFI FOOKILOORII**

**SADAASA, 2014/21**

**FINFINNEE**

**YUUNIVARSIITII ADDIIS ABABAA**

**KOLLEEJJII NAMOOMAA, QO'ANNOO AFAANOTAA, JOORNAALIZMIIFI QUNNAMTII MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKLOORII**

# FAYYADAMA AF-HEDDUMMINAA MANA BARNOOTAA DHUUNFAA MAGAALAA BURAAYYUU KEESSATTI.

**GORSAA: TAADDASEE JAALLATAA (PhD)**

**FAYISAA FIQAADUU NAGAASAATIIN**

**SADAASA, 2014/21**

**FINFINNEE**

# Axareeraa

*Qorannoon kun fayyadama af-heddumminaa kan mana barnootaa dhuunfaa irratti xiyyeeffachuun haala mana barumsaa Gafarsaa Giriin Sadarkaa tokkoffaa keessa jiru kanxiinxaluudha. Qorannichaaf wanti ka'umsa ta'e yeroo garaa garaatti barattoonni afaan dhalootaa isaanii alatti afaan kanneen biroo baruufis ta'e itti fayyadamuu irratti ilaalchi dogoggoraa jiraachuufi sababa kanarraan kan ka'e af-heddummaa akka madda rakkootti ilaaluun waan mul'atuuf, hanqinaalee mul'ataniif furmaata kaa'ufi rakkooleen mul'atan immoo dhiibba hubannoo barattootaafi barsiisotarratti, adeemsa baruu barsiisuu keessatti uumuu danda'an adda baasuudha. Meeshaan odeeffannoon ittiin funaaname immoo af-gaaffii barsiisotaafi barattootaa, bargaaffii barattootaafi daawwannaa daree barsiisotaafi barattoota irratti xiyyeeffatee taasifameeniidha. Odeeffannoon barattootarraa bar-gaaffiin argame mala hammamtaa fayyadamuun kan qaacceeffame yoo ta'u, kanneen af-gaaffii barattootaafi barsiisotaa, akkasumas daawwannaa daree taasisuun argaman immoo mala akkamtaan qaacceeffamanii jiru. Akka ragaaleen barattootaafi barsiisotarraa argameefi daawwannaa daree taasifameen hubatame mul'isanitti mana barumsaa qarannoon kun irratti taasifame keessatti ilaalchaafi hubannoo barattoonniifi barsiisonni af-heddummaa irratti qaban ilaalchisee ciminniifi hanqinni jiraachuun hubatameera. Haaluma kanaan akka argannoo qorannoo kanaatiin mana barnootaa qorannoon kun irratti geggeeffame keessatti barattoonni irra caalaan afaan dhalootaa isaanii cinatti afaanota kanneen biroo beekuufi itti fayyadamuu irratti fedhiifi hubannoo kan qaban ta'uu isaanii, akkasumas barattoonni muraasni ilaalchiifi hubannoon isaan af-heddummaa irratti qaban gaarii ta'uu dhabuurraan kan ka'e fayyadamuuf fedhii akka hin qabne ta'uusanii qorannoo taasifame kanarraa hubachuun danda'ameera. Walumaagalatti argannoo qorannoo kanaarraa ka'uun qaamoleen kallattiin adeemsa baruu-barsiisuu keessatti qooda fudhatan, jechuunis barattoonniifi barsiisonni ilaalchiifi hubannoon isaan baruu-barsiisuu keessatti afaan hedduu gargaaramuun garaa garummaa ilaalchaa afaanota adda addaa irratti qaban furuufi af-heddummaa akka madda rakkootti ilaaluurra faayidaa inni qabu hubachuun itti fayyadamuufi waliin jireenya hawaasaa keessatti gahee guddaa akka qabu hubachuu itti fayyadamuu akka qaban akka yaada furmaataatti ka'amee jira.*

# Galata

Yaada koo jalqabee hanga dhumaatti kan na xumursiise waaqayyoon guddaan galateeffadha. Qorannoo kana wixinee irraa hanga dhumaatti, dadhabe, nuffe osoo hinjedhin nacinaa dhaabbatanii deeggarsa ogummaa kan naaf godhan gorsaa koo Taaddasee Jaallataa(PhD) galatni koo onnee irraa madde isaan haa ga’u.

Itti aansuudhaanis, namoota qorannoo kanaaf raga barbaachisaa hunda nuffii tokko malee naaf kennan hundaan galata argadhaa jechuun barbaada.

Akkasumas, barnoota koo jalqabee hangan xumurutti na faanaa ta’uun deeggarsa yaadaafi mallaqaa kan naaf godhaa turan, dabalataanis qaamaa qalbiin ana cinaa dhaabbachuun barnoota koo jalqabee hangan xumuretti haala barbaachisaa hunda kan naaf gumaachaa turan maatiikoo hunda isaaniif galannikoo guddaadha

# BAAFATA

QABIYYEE FUULA

Axareeraa ... ii

Galata ... iii

BOQONNAA TOKKO : SEENSA ... 1

1.1. Seenduubee ... 1

1.2. Ka'umsa Qorannichaa ... 3

1.3. Gaaffilee Bu'uuraa Ka'umsa Qorannichaa ... 4

1.4. Kaayyoowwan Qorannichaa ... 4

1.4.1. Kaayyoo Gooroo ... 4

1.4.1. Kaayyoo Gooree ... 4

1.5. Barbaachisummaa Qorannichaa ... 5

1.6. Daangaa Qorannichaa ... 5

1.7. Hanqina Qorannichaa ... 5

BOQONNAA LAMA: SAKATTA'A BARRUU ... 7

2.1. Maalummaa Af-heddumminaa ... 7

2.2. Dhimmoota Af-Heddumminaan Walqabatan ... 9

2.2.1. Af-lamee ... 9

2.3. Haallan Af-lameen/af-heddeen itti Uumaman ... 10

2.4. Gosoota Af-Heddumminaa Gama Hawaasaatiin (Social Orientation) ... 13

2.5. Barnoota Af-lamee/af-heddee (Bilingualism/multilingual education) ... 14

2.6. Faayidaafi Miidhaa Af-heddumminaa ... 15

2.6.1. Faayidaa af-heddumminaa ... 15

2.6.2. Miidhaa Af-lamee/af-heddee ... 17

2.7. Dandeettii Af-heddee Barachuurratti Wantoota Dhiibbaa Fidan ..... 17
2.8. Af-Heddummina Akka Itoophiyaatti ..... 18
2.8.1. Af-heddumminaafi Imaammata Afaanii Itoophiyaa ..... 18
2.9. Barruulee Walfakkii ..... 19
2.10. Yaaxxina Qorrannichaa ..... 21
BOQONNAA SADII: MALLEEN QORANNICHAA ..... 23
3.1. Irraawwatama ..... 23
3.2. Meeshaalee Funaansa Ragaalee ..... 24
3.2.1. Bar-gaaffii ..... 24
3.2.2. Af-Gaaffii ..... 24
3.2.3. Daawwannaa Daree ..... 25
3.3. Mala Iddattoo ..... 25
3.4. Tooftaa Xiinxala Ragaalee ..... 26
BOQONNAA AFUR: XIINXALA RAGAALEE ..... 27
4.1. Xiinxala Ragaa Bar-Gaaffii Barattootaa Irraa Argame ..... 27
4.2. Xiinxala Ragaalee Af-Gaaffii Barattootaaf Dhiyaatee ..... 36
4.3. Xiinxala Ragaa Af-Gaaffii Barsiisotaaf Dhiyaaterraa Argame. ..... 37
4.4. Xiinxala Daawwannaa Daree ..... 41
4.4.1. Daawwii Daree Kan Barsiisotaafi barattoota Ilaallatu ..... 41
BOQONNAA SHAN: GUDUUNFAA, ARGANNOOFI YABOO ..... 45
5.1. Guduunfaa ..... 45
5.2. Argannoo Qorannichaa ..... 47
5.3. Yaboo ..... 48
WABIILEE ..... 49
DABALEEWWAN ..... 52

# BOQONNAA TOKKO : SEENSA

## 1.1. Seenduubee

Afaan meeshaa walquunnamtii dhala namaa keessaa isa hangafaafi uumama biraa irraa dhala namaa adda taasisuudha. Maalummaa afaanii ilaalchisuun Richards and Schmidt (2002:283 ) yoo ibsan, “The system of human communication which consists of the structured arrangement of sounds (or their written representation) into larger units, e.g. morphemes, words, sentences, utterances.” jedhu.Yaada isaanii kanarraa akkuma hubannu afaan jechuun tooftaa walii galtee dhala namaa ta’ee kan caaasaa garaa garaa qabuudha.

Afaan tajaajila hawaasummaa keessatti ga’ee olaanaa qaba. Namoonni afaan bakka garaagaraatti tajaajila adda addaatiif dhimma itti ba’u. Haalli kun ammo hawaasni garee tokkoo haala waliin jiraatu irratti hundaa’ee afanota garaagaraa akka fayyadamu taasisa. Hariiroo garee hawaasa naannoosaa jiru waliin uumu keessatti ammoo afaan walii waliisaa baraa deema. Hawaasni afaan walii baru ammoo afaan dhalootaa isaa dabalatee afaan hawaasa biraa sanattis fayyadama. Adeemsa kana keessa namni tokkos ta'u, hawaasni af-daneessa ta'a jechuudha. Namni tokko ykn hawaasni afaan dhalootaa isaa dabalatee afaan hedduu beekuun ammo afheddummaa jedhama. Yaada kana Karissa (2019:3) yoo ibsitu;

> Multilingualism is a specifically human feature and has been characteristic of humans for thousands of years. Language is involved in human evolution in an intricate way and language is a quality distinguishing our species from others. Notably, many languages have been spoken from the dawn of human interaction.

Yaada armaan oliirraa akkuma hubannutti afheddummaan umrii dheeraa kan qabuufi uumama dhala namaa wajjin wal qabatuudha.akkasumas afaan dhala namaa uumama kanneen biroo irraa kan adda isa taasisu ta'uusaati.

Afaan hedduu fayyadamuu hangana jedhamuu baatullee dhuftee dhala namaa wajjin umrii walqixa akka qabutu himama. Akkuma umriiin afaaniii dheeeraaa ta'e umriiin hawaasni waliin jiraachuun afaan hedduu waliin fayyadamaa tures akkasuma. Yaada kana Cenoz(2013:3) yoo ibsitu: “Multilingualism is not a recent phenomenon. Multilingual scholars from different parts of Europe were responsible for the translation of Arabic and Greek texts into Latin and the transmission of learning in the Middle Ages.”

Akkuma yaada hayyuu kanarraa hubanutti hayyoonni biyyoota awurooppaa afaan tokkorraa gara biraatti barreeffamoota garaagaraa jijjiiraa turaniiru. Adeemsa kana keessammoo fayyadamni afheddummaa hojiirra oolerra jechuudha. Biyyoota addunyaa keenyarra jiran 193 yoo xiqqaate afaan 6000 ta'antu jiru jedhamee tilmaamama. Yaada kana Gurter(2015:1)haala armaan gadiin ibsee jira.

> There are 193 countries and over 6000 diffrent languages. This does not mean , however that an individual citizens of multilingual countries are neccesarily multilingual themselves. In fact, countries wich are officially multilingual such as Bulgium and Swizzerland, may have many monolingual in their population, while officially monolingual countries, suchas France and Germany have suizable multilingual population.

Yaada hayyuu kanarraa akka hubannutti biyyoota afheddee ta'an keessa namoonni afaan tokko qofa beekan akka jiran, akkasumas biyyoota aftokkee ta'an keessa namoonni afheddee ta'an akka jiraniidha.

Namoonni afaan adda addaa karaalee garaagaraatiin baruu/barachuu danda'u. Karaa afaan ittiin baratamu keessaa inni jalqabaa yoomessa uumamaa yoo ta'u, kunis nama guddisurraa ykn ollaarraa ta'uu mala. Inni lammataa ammo yoomessa namtolchee, jechuunis itti karoorfamee mana barumsaa keessatti kan baratamuudha. Walumaa galatti seenaan achii as dhuftee afaaniis ta'e, afheddummaan umrii dheeraa kan qabuufi uumama dhala namaa wajjin kan walitti dhiyaatu ta'uusaa yaadonni armaan olii ni mirkaneessu.

Yaada hayyoota garaa garaa kanaa olitti kennaman irratti hundaa'uun qorannoon kun faayidaafi dhiibbaa af-danummaan baruu-barsiisuu keessatti qabu kan mana barumsaa dhuunfaa Giriin Gafarsaa bulchiinsa magaalaa Buraayyuu keessatti argamu xiinxaluudha. Qorannoo kana geggeessuuf wanti qoraticha kakaase inni jalqabaa afaan hedduu fayyadamuun adeemsa baruu-barsiisuu keessatti shoora ol'aanaa qabaatus, hubannoon barattoonnii,barsiisonniifi qaamoleen garaa garaa afaanota hedduu irratti qaban faallaa faayidaa afaanii waan ta'eef qorannoo kanaan faayidaa afaan hedduu beekuun barattootaaf qabuufi dhiibbaa waliin fayyadama afaanota hedduun mul'achuu danda'u beekuun sirnaan itti fayyadamuu akka qaban ibsuuf yaadameeti. Dabalataanis, qorannoon kun afaan Oromoon faayidaafi dhiibbaa af-danummaan qabu ibsuu irratti kan jalqabaati jedhee qoratichi waan filateef qorannoo kana

booda mata duree kanarratti adeemsifamuuf akka ka’umsaatti akka fayyaduuf yaadameeti. Akkasumas bakka qorannichi itti adeemsifametti sabaafi sab-lammoonni afaan adda addaa dubbatan heddumminaan waan jiraniif daa’imman afaan garaa garaa beekan bakka tokkotti yeroo baratan haala kamiin afaanota hedduu fayyadamuun barattoota barsiisuun danda’ama kan jedhu irratti qorannoon kun akka geggeeffamuuf qoratichi kaka’umsa argatee qorannoo kana filatee jira. Dhumarrattis, waliin jireenyi afaan hedduu manneen barnootaa keessatti dhiibbaa inni geessisuu hubachuun qaamonni manneen barnootaa keessatti kallattiin qooda fudhatan akkaataa inni dhiibbaa(miidhaa) geessisuu hindandeenyetti akka fayyadaman quba qabsiisuuf qoratichi mata duree kana irratti qorannoo adeemsisuuf filateera.

### 1.2. Ka'umsa Qorannichaa

Qorannoo kana adeemsisuuf wanti qoraticha kakaase yeroo ammaa kana manneen barnootaa keessatti barnootni afaan garaa garaatiin kennamaa jira. Kanaafuu barattoonni afaanota kanneeniif xiyyeeffannoo isaan kennaniif maal akka fakkaatu beekuun barbaachisaadha. Akkuma beekamu afaan garaa garaa baruun bu'aa guddaa qaba. Akkasumas mana barumsaatti afaan baratan kanaaf xiyyeeffannoo isaan qaban xiinxaluuf jedhameeti. Kanaafuu qorannoon kun afaanota naannoo Oromiyaa keessatti sadarkaa 1<sup>ffaa</sup> irraa jalqabee manneen barnootaa dhuunfaa keessatti barnoonni ittiin kennamaa jiran sadan afaan Oromoo, afaan Amaaraafi Afaan Ingilizii irratti barattoonni manneen barnootaa dhuunfaa magaalaa Buraayyuu ilaalcha akkamii akka qabaniifi afaanota kanneen walfaana barachuun bu'aafi dhiibbaa inni qabu maali kan jedhu irratti xiyyeeffachuun haala mana barumsaa Gafarsaa Giriin keessa jiru xiinxaluun ibsuudha. Dabalataanis, afaanota kanneen sadaniin barsiisonni daree keessatti haala kamiin barattootaaf qabiyyee barnootaa ibsuufi barattoonnis afaan kanneeniin akkamitti akka iti fayyadaman xiinxaluufi ibsuudha. Mata duree qorannoo kanaan kan walfakkaatan irratti qorannoowwan garaa garaa afaan Ingiliziitiin geggeeffamanii jiru. Haa ta’u malee Afaan Oromootiin qorannoon kallattiin mata duree kanarratti geggeeffame jiraachuu baatus hanga tokko itti dhiyaachuu kan danda’u qorannoo Indaalaa Girmaa(2008) “Xiinxala hirmaannaa barattoota kutaa 10<sup>ffaa</sup> afaan oromoo akka afaan lammaffaatti baratan”,jedhu irratti geggeesseen haala barattoonni afaan Oromoo akka afaan lammaffaatti barataniifi rakkoo barattoota kana quunnamu adda baasuun xiinxalee jira. Qorannoon kun kallattiin barattoota Afaan Oromoo akka afaan lammaffaatti baratan qofa irratti kan xiyyeeffatuudha. Qorannoon kanaan dura geggeeffame kun barattoota

kanneen afaan Amaaraafi kan biroo akka afaan lammafaatti baratan xiyyeeffannoo keessa hin galchine. Yaada kana giddu galeessa godhachuun qoratichi qaawwa qorannoo kana keessatti mul'atan duuchuuf mana barumsaa Gafarsaa Giriin keessatti barattoota Afaan Oromoofi Afaan Amaaraan baratan irratti xiyyeeffachuun faayidaafi dhiibbaa afaanota kanneen walcina barachuun adeemsa baruu-barsiisuu keessatti qabu xiinxaluun kan ibsuudha. Kanaafuu qorannoon kun qaawwa qorannoo kanaan dura gaggeeffame keessa jiru duuchuu danda'a jedhee qoratichi itti amana

### 1.3. Gaaffilee Bu'uuraa Ka'umsa Qorannichaa

Qorannoo kana geggeessuuf gaaffileen akka bu'uuraatti ka'an kanneen armaan gadiiti.

1. Fayyadamni af-heeddumminaa mana barnootaa Gafarsaa Giriin keessa jiru maalfakkaata?
2. Barattoonni Mana Barumsaa Gafarsaa Giriin af-heddummina fayyadamuu irraa faayidaa akkamii argatu?
3. Fayyadama af-heeddumminaa keessatti barattoota mana barumsaa Gafarsaa Giriin rakkoo akkamiitu mudata?

### 1.4. Kaayyoowwan Qorannichaa

## 1.4.1. Kaayyoo Gooroo

Kaayyoo gooroon qorannoo kanaa fayyadama af-heddumminaa mana barumsaa dhuunfaa magaalaa buraayyuu keessa jiran kan mana barumsaa Giriin Gafarsaa sakatta'uun ibsuudha.

## 1.4.1. Kaayyoo Gooree

Kaayyoo gooreen qorannoo kanaa qabxiilee armaan gadiiti.

1. Fayyadama af-heddumminaa mana barumsaa Giriin Gafarsaa keessaa maal akka fakkatu ibsuu.
2. Barattoonni Mana Barumsaa Gafarsaa Giriin af-heddummina fayyadamuu irraa faayidaa akkamii akka argatan xiinxaluu.

3. Fayyadama af-heeddumminaa keessatti barattoota mana barumsaa Gafarsaa Giriin rakkoowwan mudatan ibsuu.

### 1.5. Barbaachisummaa Qorannichaa

Qorannoon kun fayyadama af-heeddumminaa mana barumsaa dhuunfaa kutaa 5-8 magaalaa Buraayyuu keessaa jiran keessaa haala mana barumsaa Gafarsaa Giriin sakatta’uuf xiyyeeffannoo kenna. Gara fuula duraas ogeeyyii barnoota Afaan Oromoo irratti hojjataniif faayidaa guddaa kennuu akka danda’u qorataan ni’amana. Dimshaashumatti qorannoon kun faayidaalee adda addaa kan qabu yoo ta’u, fayidaan inni kennus akka kanaa gaditti tarreeffamaniiru.

Hunda dursa barattootaaf faayidaa guddaa kenna. Kunis barattoonni faayidaa af-heddumminni qabu sirritti hubatanii fedhii akka godhataniifi hiriyoota isaanii waliin hariiroo gaarii akka uuman ni taasisa. Akkasumas afaanota kanneen yoo baratan afaan dhalootaa isaaniifillee xiyyeeffannoo akka kennan ni taasisa. Lammatarratti ammoo barsiisonni adeemsa baruu-barsiisuu keessatti barattootaaf qajeelfamaafi ibsa kennuuf af-heddeen bu'aa guddaa akka qabu hubatanii itti fayyadamu. Akkasumas hawaasni hariiroo gaarii akka qabaatuuf qorannoon kun faayidaa guddaa qaba. Dhumarrattis rakkoo gama afaanii yeroo ammaa biyya keenya keessatti mul'atuuf qorannoon kun furmaata ta'a jedhee qorqtichi itti amana.

### 1.6. Daangaa Qorannichaa

Qorannoon kun bakkaan kan daanga'e yommuu ta'u, innis godina addaa naannoo Finfinnee Bulchiinsa Magaalaa Buraayyuu keessattiidha. Akkasumas manneen barnootaa magaalicha keessa jiran keessaa mana barnootaa dhuunfaa tokko filalachuun kan geggeefame yoo ta’u , innis mana barumsaa dhuunfaa Gafarsaa Giriin irraatti kan adeemsifameedha.

### 1.7. Hanqina Qorannichaa

Yommuu qorannichi adeemsifametti rakkooleen yookan gufuuwwan qoraticha mudate akka armaan gadiitti ibsamuuf yaalamaniiru. Rakkoon inni jalqabaa fedhii dhabuu odeeffannoo kennitootaati. Kana jechuun ragaaleen barbaachisan sassaabamuu keessatti odeef-kennitoonni odeeffannoo guutuu ta'e  kennuu keessatti fedhii dhabuu isaaniti. Rakkoon inni lammaffaan

rakkoo baajataati. Hunda caalaa ammo odeeffannoo ga’aa ta’e argachuuf qoratichatti wanti gufuu ta’e dhukkuba COVID-19 yoo ta’u, keessumaa raga bargaaffii barattootarraa fudhachuuf gufuu guddaa uumeera. Akkasumas fedhii dhabuu odeeffannoo kennitoota tokko tokkoo qoraticha mudataniiru

# BOQONNAA LAMA: SAKATTA'A BARRUU

## 2.1. Maalummaa Af-heddumminaa

Jecha af-heddummina jedhuuf hayyoonni garaa garaa yaada adda addaa kennanii jiru. Hiikni isaan af-heddumminaaf kennanis baay'een isaanii kan walitti dhiyaataniidha. Af-heddumminni jecha afaan Laatinii “Multus” fi “Lingua” jedhurraa kan dhufe yoo ta’u hiikni isaas “ Many language” jechuudha(Benard 2014:2). Haaluma kanaan af-heddumminni dandeettii dubbataan tokko afaanota garaa garaa fayyadamuun akkuma afaan dhalootaa isaatti ittiin ofi ibsuudha. Akkasumas af-heddumminni waliin jireenya afaanota addaa addaa hawaasa afaaniifi aadaa addaa addaa qabu gidduutti mul’atudha. Dhimma kana ilaalchisuun Karissa (2019:3) yoo ibsitu, “Multilingualism is the presence of a number of languages in one country or community or city and multilingulism is the use of three or more languages and multilingualism is the ablity of speak several languages.”jetti. Yaada hayyuu kana irraa akka hubannutti af-heddummaan afaan hedduun hawaasa ykn biyya tokko keessa jiraachuu ykn afaan sadiifi isaa olitti fayyadamuu, akkasumas dandeettii afaan hedduu dubbachuudha.

Af-heddumminni dandeettii afaan adda addaa dhimma garaa garaaf namni tokko ykn hawaasni tokko itti fayyadamu yoo ta’u, haalli namni dhuunfaa tokko afaanota kanneen ittiin fayyadamu gargar ta’uu mala. Yaada kana ilaalchisuun Gurter(2015:2) yoo ibsu, “Amultilingual individual is any one who can communicate in more than one language, be it active ( through speaking and writing) or passive( through listening and reading)”jedha. Hayyuun kun akka jedhutti ammoo namni af-daneessi tokko afaan tokkoo oliin karaa garaa garaan(dubbachuu, barreessu, dhaggeefachuufi dubbisuun) nama biraa waliiin walquunnamuudha. Akka yaada kanarraa hubannutti namni tokko afaan hedduu kallattii garaa garaan fayyadamuu akka danda’uudha. Haaluma kanaan namoonni afaan hedduu beekan kaan kan ittiin dubbachuufi dhaga’uu qofa kan danda’an, kaan kan dhaga’uufi barreessuu qofa danda’aniifi kaan ammoo dandeettii hundasaa waliin afaan hedduu walqixa kan beekan ta’u.

Af-heddumminni karaa garaa garaa argamuu danda'a. Namni tokko erga afaan jalqabaa(first language) gonfatee booda haala garaa garaan afaan biraa dabalataan baruun afheddee ta'uu danda'a. Yaada kanas Gurter(2008:4) yoo ibsu:

> Multulingual individuals may have become what they are through very diffrent expriances: some may have acquired and maintaned one language during child hood,the so called first language(L1) and learned other languages later in lifes,while other have acquired two or more first languages since birth.

Akka yaada kanaa olii irraa hubannutti namoonni  baay'een dandeettii afaan hedduu kan gonfatan tarii daa'imummaatti afaan tokko baruun adeemsa keessa ammo afaan lamaafi isaa ol baruu akka danda'aniifi namonni kaan ammo afaan lamaafi isaa ol umrii daa'imummaatti baruu danda'uu isaaniiti.

Namoonni afaan hedduu beekan afaanota kanneen bakka addaa addaatti itti fayyadamuu malu. Haaluma kanaan kaan bakka hojiitti, kaan mana keessatti, kaan iccitii ittiin dubbachuufi kkf tiif itti dhimma ba'u. Biyyoota tokko tokko keessatti ammo imaammata biyyattiitiin afaanonni biyyattii keessa jiran bakkeewwan murta'anitti akka itti fayyadaman taasifama. Fakkeenyaaf, Keeniyaa keessatti Afaan Ingilizii manneen barnootaafi dhaabbilee ol'aanaa keessatti afaan barnootni ittiin kennamu, Afaan Kiswaahilii afaa hojii mootummaafi akka gosa barnootaa tokkootti kan kennamuufi afaanonni biyyattii afurtama(40) ta'an ammoo mana keessaafi bakkeewwan adda addaattii kan dubbatamaniidha.(Benard 2014:4)

Namoonni af-heddee ta'an kallattii adda addaatiin afaan hedduu baruu akka danda'aniifi haalli beekumsa isaan afaanota kanneen irratti qaban gargar ta'uu akka malu namoonni adda addaa ni eeru. Inni duraa, namoota afaan lamaafi isaa ol daa'imummaatti akka afaan dhalootaatti barachuun guddatan yoo ta'an, namoonni akkasii kun afaan kanneen walqixa kanbeekaniifi itti fayyadamaniidha. Kanneen lammataa ammo, afaan tokko sirriitti kanbeekaniifi afaan isaan kaan ammo dhaga'uu kan danda'an garuu sirriitti dubbachuufi itti fayyadamuu kanneen rakkataniidha.

Akka tilmaama qorannoo addaa addaa irraa hubatamutti addunyaa irratti afaanota 6000-7000 akka dubbatamuufi kanneen keessaa walakkaan ardii Afriikaa keessatti akka dubbatamaniidha. Akka walii galaatti biyyoota Afriikaa keessatti afaan hedduu, aadaa hedduufi amantii hedduun kan argamudha. Haa ta'u malee, afaanonni Afriikaa keessatti akka afaan dhalootaatti dubbataman baay'een isaanii hanga har'aatti sirna barreeffamaa kan hinqabneefi afaan hojii kanneen hintaaneedha( Benard 2014:4).

Walumaa galatti af-heddummaan kan namtokkees ta'u,kan hawaasummaa dandeettii namni tokko ykn hawaasni afaan hedduun haala garaa garaa keessatti fayyadamu ta'uusaa hiika hayyoonni garaa garaa kennan irraa hubachuun ni danda'ama.

## 2.2. Dhimmoota Af-Heddumminaan Walqabatan

Maalummaa af-heddumminaa dubbachuu keessatti yaad-rimee af-lamee beekuun barbaachisaadha. Sababnisaas af-lameen uumama af-danummaa keessatti shoora guddaa waan qabuuf.

Hayyoonni garaa garaa kallattii adda addaan af-lameef hiika kennu. Keessumaa af-lamee ilaalchisee yaanni walii isaan galchisiisu jiraatus, hiika adda addaa kennaa turan. Haaluma kanaan af-lameen dandeettii yeroo tokkotti afaan lamaafi isaa ol dubbachuu yookin fayyadamuudha. Walitti dhufeenyi afaanota lamaanis afaanoota san saffisaan barachuu irratti gahee qaba. Karaa biraatiin sababoonni af-lameen uumamuuf sababa ta’an: sochii uummataarraa, Biyyaalessummaafi Siyaasa Federeshinii, Barnootaafi Aadaa, Babal’ina Warshaa, Babal’ina Amantiifi Biyyoota/ naannolee afaan adda addaa dubbatan daangaa walii hirmaatan isaan muraasa.

Dhimmoota adda addaarratti hundaa’uudhaan af-lamummaan/af-danummaan Dandeettii Afaanii, Qindoomina Sammuu, Yeroo argannaa afaanii, Naannoo keessatti argamiinsa dubbattoota Afaa Lammaffaa, Sadarkaa afaanotaa, Miseensummaa gareefi maalummaa aadaafi gama hawaasaa jedhamuun qoodamu. Barnoonni af-lamee/af-heddee beekumsaa, barnootaa, dinagdeefi hawaasummaa keessatti faayidaalee bakka hin bu’amne kan qabuudha.

### 2.2.1. Af-lamee

Af-lameen dandeettii yeroo tokkotti afaan lama dubbachuu ta’ullee, haayyonni hedduun af-lamee akkaataa garaa garaatiin ilaaluun hiika adda addaa itti kennu. Grosjean (1998) yoo ibsu, “Bilingualism is in fact a regular use of two languages,” jedha. Akka yaada hayyuu kanaatti, af-lameen idileedhaan afaanota lama fayyadamuudha. Karaa biraatiin akka Kangas (1984) ibsetti, “We can call someone bilingual, if s/he can communicate in two languages on a native language level,” Akka yaada kanaattis, namni tokko af-lameedha kan jennuun afaan lameenuu afaan dhalootaan walqixa yoo danda’eedha. Itti dabaluun, Haugen yoo ibsu (1953)

“Bilingualism starts on the point when a speaker owns the ability to create meaningful statements in two languages.” Akka yaada kanaatti immoo af-lamee jedhamuuf, dubbataan sun dandeettii afaan lameeninuu hima ergaa guutuu dabarsu danda’u yoo uumuu/ijaaruu danda’eedha.

Hiikawwan kanneen irraa wanti huatamu, hiikni af-lameerratti dhiyaatina adda addaatiin kenname garaagarummaa qabaatus, yaanni isaan walii galchuu jiraachuu isaati. Yaadni kunis af-lamee kanneen jedhaman jireenya guyyaa guyyaa isaanii keessatti kanneen afaan lamaan fayyadamaniidha.

### 2.3. Haallan Af-lameen/af-heddeen itti Uumaman

Carraan namni/hawaaasni tokko afaan garaa garaa baruu kalattii tokko qofaan kan argamu ta’uu dhiisuu mala. Af-heddummaan kallattii garaagaraatiin uumamuu danda’a. Namni tokkos ta’u, hawaasni tokko haala adda addaan afaan hedduu baruu danda’a. Afaan hedduu baruun garuu waan akka tasaatti altokkotti ta’u osoo hintaane, adeemsa keessa kallatti adda addatiin kan argamuudha. Sababoota nama tokko ykn hawaasa tokko afdaneessa taasisan keessaa warren ijoon: kolonummaa, sochii siyaasaafi seenaa( kolonii), sochii dinagdee( namoonni bakka dinagdee gadaanaa irraa bakka fooyya’aatti yoo godaanan), barnootaafi sochii amantaa bakkaa bakkatti taasifamuudha.( Gurter 2006: 5)

Akkuma qaroominni addunyaa keenyaa guyyaadhaa gara guyyaatti dabalaa deemu,walitti dhufeenyi ykn hariiroon ilma namaas dabalaa deema. Addunyaa garaa garaa ta'uun hafee ollaa ta'ee waliin dubbataa,bitee gurguraa oola. Adeemsa kana keessa ammoo afaaniifi aadaa wal jijjiiraa ooluun isaa waan hafu miti.

Karaa biraatiin ammoo osoo hin jaallatin dirqamni walitti fidee kan afaan walii walii isaa baratus hin dhibamu. Keessumaa biyyoota Afriikaa heedduu isaanii keessatti namoonni haala garaa garaatiin bakka dhaloota isaaniirraa buqqa'anii bakka biraatti godaanu. Lola,beela,jijjiirama qilleensaafi haalli siyaasaa tasgabbii dhabuun haalota namoonni bakka dhalootaa isaanii irraa buqqa'uun bakka biraa akka godaanan taasisaniidha. Adeemsa kana keessas bakka deeman sanatti afaan biraa baru ykn kan isaanii saba naannoo sana jiru barsiisu. Kun immoo hawaasichi afheddee/multilingual society/ akka ta'u taasisa. (Cenoz 2013:4) yaada kana yoo ibsutu, “Several factors have contributed to the current visibility of multilingualism. Among them, globalization, transnational mobility of the population, and the spread of new technologies are highly

influential in different political, social,and educational contexts.” Yaada kanarraa akka hubannutti sababoonni kanneen akka addunyummaa, namoonni bakkaa bakkatti socho’uufi babal’ina argannoowwan teeknoolojiifi kanneen biroodha.

Dabalataanis biyyi tokko biyya biraa yoo koloneeffattu afaan ishii biyya sana keessatti kallattii garaa garaatiin akka babal'atu taasifti. Keessumaa biyyoonni Awurooppaa baay'een isaanii biyyoota Afriikaa yeroo koloneeffatan afaaniifi aadaa isaanii humnaan irratti fe'aa turaniiru. Biyyoonni Afriikaa hedduun isaanii yeroo ammaa kana afaanota biyya alaa afaan hojiifi afaan guyyuu godhatanii itti dhimma ba'u. Biyya keenya dabalatee biyyoota addunyaa mararratti immoo afaan Ingilffaa afaan barnootaa sadarkaa 1ffaa irraa hanga dhaabbilee barnootaa olaanoo keessatti barnootni ittiin kennamu ta'ee tajaajila.

Biyya keenya keessattis sabaafi sab-lammoonni hedduun waan waliin jiraataniif biyyi keenya biyya afdaneessaafi aaddaneessa ta'uun beekamti. Keessumaa Orimiyaa keessatti afaanonni heedduun ni dubbatamu. Kunimmoo haalli teessuma oromiyaafi uumamaan dachee badhaatuu ta'uu isheerraa kan ka'eedha.

Biyya keenya keessatti afaan Ingiliffaa dabalatee afaanonni tokko tokko barnoonni ittiin kennamaa jiru. Keessumaa Oromiyaa keessatti manneen barnootaa dhuunfaan afaan Ingilizii, afaan Oromoofi afaan Amaaraan kan barsiisaniidha. Egaa af-heddummaan manneen barnootaa keessatti mul'atan kun barattootaaf faayidaafi miidhaa qabaachuu danda'a. Haa ta'u malee miidhaa isaa caalaa faayidaa inni barattootaaf kennu danuudha.

Gama biraatiin, Af-heddummaan sababa adda addaatiin uumamuu danda’a. Sababoonni kunneenis:

### a) Koloneeffannaa

Kolonummaan kallattii afaan tokko biyyoota garaa garaa keessatti ittiin babala’atuudha. Kunis biyyi tokko biyya biraa yeroo koloneeffattu biyyattii keessatti haala adda addaan afaan ishee yoo barsiiftu kan uumamuudha. Haalli kun biyyoota Afrikaa hedduu keessatti kan mul’atu yoo ta’u, biyyoonni Afrikaa hedduun isaanii afaan dhalootaa isaanii cinatti afaan Ingilzii dubbatu. Akkasumas dubbachuu bira darbee afaan barnootaafi afaan hojii taasifachuun itti fayyadamu.

Haalli kun ammo biyyoota Afriikaa hedduu keessatti af-danummaan akka uumamu karaa baneera.

Afaanonni akka Laatinii, Arabaa, Giriikii, Ispaaniishii, Ingiliiziifi Faransaay uummanni afaan kanneen dhalootaan dubbatan biyyoota biroo weeraranii koloneeffachuurraa kan ka’e afaanota daangaasaaniin ala babal’ataniidha. Kanarraa kan ka’e uummattoonni biyyoota weeraramanii afaan dhalootasaaniin ala afaan weerartootaa san waan barataniif aflamee/afdanee ta’aniiru. Sababa kanarraa kan ka’e, Afaan Giriik gara guddugala bahaatti, Afaan Arabaa weerara gama amantiitiin taasifameen gara baha Medetiraaniyaanii, kaaba Afrikaa fi gara Sulula Arabiyaatti, Afaan Ispaaniish gara giddugaleessaa fi Kiibba Ameerikaatti babal’ateera. Akkasumas Afaan Ingiliziifi Faransaay jaarraa 19ffaa keessa gara Afrikaa fi Eshiyaatti babal’ataniiru.

Haa ta’u malee, sababa koloneeffannaatiin aflamummaan/afdanummaan uumamuudhaaf /dhugoomudhaaf: Koloneeffattummaan yeroo dheeraaf turuu qaba. Weerartoonni carraa barnootaa, diinagdee, hawaasummaafi siyaasaa gaarii uumuudhaan uummanni sun isaaniifi afaansaanitiif jaalalaafi kabaja akka horatan gochuu qabu.

**b) Sochii hawaasummaa fi diinagdee**

Namoonni sababa adda addaatiif bakkaa bakkatti nigodaanu. Sababii adda addaatiin godaansa taasifamu kanaan ammo namni tokko/hawaasni afaan hedduu baruu danda’a.

> The countries in the world are necessarily multilingual demographically given the universal historical facts that people migrate to new lands and the states annex new lands. Both migration, voluntary and forced, and annexation, by war and other means, give rise to a population in a country that speak more than one language.

Godaansi kunis godaansa biyya keessaafi godaansa biyyaa alaa ta’uu danda’a. Namni tokko ykn hawaasni tokko godaansa biyya keessaa naannoo tokkoo gara naannoo biraatti taasisuun afaan biyya keessaa hedduu baruu danda’a. Bakka godaansaan jiraatu sanatti afaan isaas hawaasa bakka sanaa barsiisuu danda’a. Akkasumas, godaansa daangaa biyyaa ce’uun taasifamuun ammo afaan biyya itti godaane sanaa barata. Akka qorannoon mul’isutti godaantonni hedduun bakka godaansaan jiraatanitti afaan biyya sanaa dabalatee afaan dhalootaa isaanii, aadaa, siyaasaafi hariiroo dinagdee biyya isaanii waliin qaban cimsanii itti fufsiisuun jiraatu. (Salomone 2010: 2).

Namoonni hojii, nyaataa fi jiruu gaarii barbaacha biyyasaanii gadhiisanii gara biyya biraa deemu. Fakkeenyaaf, Baqannaa moose kan jedhamu baqannaan uummanni hedduun Ayerlaandii kara Ameerikaa taasisefi baqannaan Xaaliyaanonni sababa beelaatiin gama Ameerikaatti taasisan. Baqannaan haala kanaan dhufu rakkoo hawaasarraa uumamaan gaheen fedhii hawaasaatiin taasifamu waan ta'eef aflamummaa/afdanummaa atattamaa fida.

## 2.4. Gosoota Af-Heddumminaa Gama Hawaasaatiin (Social Orientation)

Gama hawaasa afaan hedduun keessatti dubbatamurra dhaabachuun aflame/af-heddeen akaakuun lama akka jiru hayyoonni ni eeru. Gosootni kunis: afheddummaa namtokkee(individual multilingualism)fi af-heddummaa hawaasaa (socital multilingalism) jedhamu.

### a) Af-lamee/af-heddee Hawaasaa (Societal Bilingual/multilingual)

Af-heddummaan hawaasaa hawaasni tokko akka waliigalaatti afaan hedduun yoo walii galuu danda'aniidha. Kun irra caalaa sabaafi sablammoota waliin jiraatan gidduutti mul'ata. Yaada afheddummaa hawaasaa kan Karissa(2019: 5) yoo ibsitu;

> The term societal multilingualism refers to the contexts, circumstances, order, manner and routines of use of languages in different kinds of communities, organizations and groups. People are not only aware of, but often regulate their language practices through the way they deal with the language varieties they know, and by introducing additional language varieties into their communal life.

Haa ta'u malee af-heddummaan hawaasaa kun guutumaan guutuutti miseensonni hawaasichaa walqixa afheddeedha jechuun rakkisaadha. Sababnisaas ilaalcha garaagaraa irraa kan ka'e namoonni hedduun afaan dhalootaa isaanii ala afaan biroo naannoo isaaniitti argaman dubbachuu hin fedhan. Haala qabatamaa hawaasa keenya keessa jirus yoo ilaaalle isuma kana nuuf mirkaneessa.

### b) Af-lamee/af-heddee dhuunfaa (Individual Bilingual/multilingualism)

Af-heddummaan nam-tokkee/dhuunfaa kan uumamu, namni tokko hawaasa keessa jiraatu keessatti haala garaa garaatiin(fkn. sadarkaa barnootaatiin) akka nama dhuunfaatti afaan hedduu yoo beekeedha. Yaada kana Karissa(2019:4) akka armaan gadiitti ibsiteetti.

> Individual multilingualism relates to the personal sphere and covers the acquisition and use of several languages by an individual. It deals with an individual’s ability to master, and appropriately use, two or more languages, and includes language-related physical abilities and neurological processes taking place in the brain, in healthy, challenged and gifted individuals.

Akka yaada kanarraa hubanutti, af-heddummaan sadarkaa nama tokkootti mul’atu dandeettii namni tokko afaan hedduu baruu danda’uun kan walqabatuufi afaanota lamaafi isaa ol sirnaan haala addaa addaan itti fayyadamuudha.

Walumaa galatti hawaasni akka waliigalaatti osoo hin taane namoonni muraasni qofti afaan tokkoo olitti dhimma yoo bahan aflamee/danee dhuunfaa itiin jenna.

### 2.5. Barnoota Af-lamee/af-heddee (Bilingualism/multilingual education)

Barnoonni af-lamee (Bilingualism education), yoo xiqqaate karaa idilee ta’een afaan lama barnootaaf ykn hojiif fayyadamuu kan agarsiisuudha. Akka waliigalaatti barreessuufi barachuun kan jalqabu afaan tokkoffaa (afaan haadhaa) barattootaan ta’ee, afaan lammaffaa adeemsa keessa baratu. (UNESCO, 2011: 59) toora interneetii .ryerson.com/my language/resource/dvd irraa argame yoo ibsu, “Bilingual education need not include a local language; however the most common type of bilingual education (also called mother tongue-based bilingual education) attempts to use the learners’ mother tongue to some extent in the curriculum,” Akka walii galaatti, ergaan yaada kanaa Barnoonni af-lamee afaan naannoo tokkotti dubbatamu kan hin dabalanne ta’ee, irra jireessaan barnoonni af-lamee afaan haadhaa bu’uureffatee barnoota kennamudha.

Qorannoon akka agarsiisutti afaan tokko dursanii hojiirra oolchan kunuunsanii guddisuun fayidaa hedduu qaba. Ragaan toora interneetii http://eclke.ohs.acf.hhs.govFradd .(2000) irraa fudhatame carraa barnoota af-lameen kennuun qabu yoo ibsu, Barnoonni aflame/af-heddee: aadaa hawaasa biroo hubachuuf (Discover and understand another culture),dandeettii yaada rime barnoota barachuu fi hubachuu dabaluu (Develop Capacity to learn and understand educational concepts), dandeettii xinxala sammuu guddisuu (Have a more analytical mind), dandeettii afaan barachuu daa’immanii dabaluu (Increase the child ability to learn a 3rd or even a 4th language). waldanda’uufii sammuu banamaa akka qabaatan taassisuu (Develop more tolerance and open –

mindedness), haalota adda addaa keessatti ga’umsa akka qabaatan taassisuu (Have a Proficiency in adapting to new situations)fi mana barnootaatti milkaa’ina fooyyee qabu akka gonfatan (Better succeed in school) taasisa jechuun kaa’a.

Kana malees, bu’aan qorannoowwan adda addaa kan agarsiisuu namoonni af-lamee ta’an addunyaarratti carraa hojii argachuu warra af-tokkee caala akka qabaniifi galiin giddugaleessa isaaniis waggaa keessatti hiriyyoota isaanii warra af-tokkee caala fooya’aa akka ta’e eeru. Akkasasumas, namoonni af-lamee carraalee kanneen akka: Hawaasa guutuu keessatti hirmaachuu(participate in the global community in more ways), odeeffannoo iddoo baay’eerraa argachuu(get information from more place)fi waa’ee namoota baay’ee aadaa hawaasarraa barachuu(learn more about people from other cultures) fa’i.

Akkasumas, akka odeeffanoon toora interneetii themagicalfrog.com ibsutti, addunyaa guutuutti afaan tokkoo ol dubbachuun akka duudhaatti (norm) ilaalama malee akka namoota muraasaatti hin fudhatamu. Tilmaamatti, harka walakkaa hanga lama sadaffaatti namoota addunyaa kanarra jiranii af-lameedha.Kanaafuu, daa’imman afaan tokkoo ol danda’an umrii isaanii guutuu bu’aa guddaa qabaatu.

## 2.6. Faayidaafi Miidhaa Af-heddumminaa

### 2.6.1. Faayidaa af-heddumminaa

Af-heddummaan sadarkaa nama dhuunfaafi hawaasaa/biyyaatti mul’achuu danda’a. Faayidaafi dhiibbaa inni qabus akkasuma sadarkaa kana lamaan irratti ta’uu mala. Akka nama dhuunfaatti namni tokko afaan hedduu beekuun faayidaa hedduu akka argatu taasisa. Namni tokko hawaasa keessa jiraatu keessatti afaan hedduu beekuun hariiroo namoota adda addaa waliin uumuu, carraa dhimmoota afaan, aadaa, amantaafi dhimmoota hawaasummaa kanneen biroo keessatti hirmaachuu akka danda’u isa taasisa. Akkasumas namoonni af-daneessa ta’an rakkoo/waldhabdee namoota gidduu jiru adda baafatanii furuurratti kanneen aftokkee(monolingual) ta’an caalaa milka’oodha.(Bialystok 2008:3)

Afaan lamaafi isaa ol danda’uun namoonni hedduun dhimma dhuunfaafi hojiitiif namoota waliin akka hariiroo uuman nitaasisa. Haalli kun ammo namoonni beekumsaafi dandeettii afaanota garaa garaa keessa jiran akka gonfatan taasisa. Namni tokko afaan dhalootaa dabalatee afaan

hojii yoo beeke salphaadhumatti dandeettii afaanota sana keessa jiranii nigonfata. Af-heddumminni dandeettii waa-kalaquufi si'aa'ina sammuu akka gonfannu nutaasisa. qorannoon garaa garaa akka agarsiisanitti daa'imman naannoo afaan hedduun dubbatamutti guddatan kanneen naannoo afaan tokko qofa dubbatamutti guddatan caalaa dandeettii kalaqaafi hariiroo gaarii uumuu qabu. (Ricciardelli, 1992).

Af-heddumminni tokkummaa biyyaa keessattillee shoora ol'aanaa qaba. Kunis namoonni afaan dhalootaa isaanii cinatti afaan hojiifi kanneen biroo yoo baran sabaafi sablammoota biyya sana keessa jiran waliin tokkummaan akka jiraatan taasisa. Akkasumas, maatiin afaan baay'ee beekuun daa'imman yoo xiqqate afaan lama walfaana baruun akka guddatan isaan gargaara. Af-heddummaan aadaa hedduu hubachuu akka danda'an nama taasisa. Aadaan ammo yoo sirnaan itti fayyadaman waa hedduu ofkeessaa qaba. Aadaan biyya tokkoof miidhagina; akkasumas dinagdeedha. Kana jechuun aadaa madda turizimii biyya tokkoo ta'uu danda'a. Af-heddummaan daldala/dinagdee keessatti dorgomaa akka taanu nu taasisa. Namni afaan hedduu beekuun namoota afaan adda addaa beekan waliin walii galuun bitee gurgura. kun ammo kannee afaan tokko qofa beekan caalaa dorgomaafi milka'aa nama taasisa. Benard(2014:226-227)

Daa'imman af-lamee ta'anii guddatan sammuun isaanii baay'ee baldhaadha. Dhawaata Afaan lama xinxalaa deemaniin dandeettiin hubachuu isaanii guddataa deema. Si'ayinni fi saffisni dubbachuu yeroodhaan booda illee muxxannoodhaan guddachuu ni danda'a. Jechoota baay'ee dabaluudhaan nama af-tokkee ta'e wajjiin wal-qixxaachuu ni danda'a.   Bilinguals demonstrate greater awareness of language and how it works (May, Hill & Tiakiwai, 2004).

Qorrannoowwan akka jedhanitti daa'imman af-tokkee mana barumsaa sadarkaa gadi aanaa keessatti baratan amala gaarii hin taane qabu. Kuni kan murtaa'u daa'imman af-tokkee ta'an hariiroon hawaasa biraa wajjiin qaban kan gadi bu'e ta'uu isaati. Kana irraa kan hubannu daa'imman af-lamee ta'an amalaafi miira gaarii qabu. Namoonni af-lamee ta'an miira ofitti amanammummaa cimaa qabu. Yaadota namoota biro hubachuudhaafi walmadaalchisiisuu irratti dandeetti guddaa qabu. "Communicative sensitivity (lower anxiety, stronger willingness to communicate, higher self-confidence, being less worried about mistakes, etc.): bilinguals are more sensitive to nuances in communication" (May, Hill, & Tiakiwai, 2004).

Faayidaan af-lamee inni biroo immoo dandeettii yaadachuuti. Sammuun namoota af-lamee ta'an bal'aa ta'u irraa kan ka'e wanta tokko battalumatti afaan lamaan wal bira qabuun yaadachuu danda'u. "Bilinguals are often able to orient themselves and detect hidden patterns and figures more easily (Bialystok, 1992). Kana jechuun, namoota af-tokkee ta'aniifi af-lamee ta'an lama walcinaa dhaabnee yoo gaaffii gaafannee, inni af-lamee ta'e sun saffisa gaarii qaba. Jecha afaan tokko keessatti dhabe afaan isa lammaffaa keessatti ni argata.

> Multilingualism affects society but it is at the same time a reflection of society. In fact, the profound changes that current multilingualism is experiencing are a reflection of the ever more complex realities of the new world and the constant and rapid transformations that our communities are living through.(Lyre and Yolanda 2015:2)

Akkuma yaada armaan oliirra hubannutti afheddee walxaxaa ta'ullee faayidaa guddaa qaba. Walxaxiinsi kunis amala bu'uuraati malee akka rakkootti kan ilaalamu miti.

### 2.6.2. Miidhaa Af-lamee/af-heddee

Namoonni af-lamee ta'an yeroo gabaabaa keessatti afaan tokko keessatti jechoota hedduu barachuudhaaf yeroo dheeraa itti fudhata. Afaan tokkicha saffisaan yookiin si'ayinaan dubbachuuf ni rakkata. Akkasumas afaanonni waliin dubbataman kun adeemsa yeroo dheeraa keessa walmakuun caasaa afaanotaa miidhuu danda'u. Dabalataanis afaan dubbattoota hedduu qabuufi afaan aangoo siyaasa biyyattii keessatti olaantummaa qabu afaanota kanneen biroo cunqursuu danda'a. Fakkeenyaaf biyyuma keenya keessatti afaanonni haala kanaan sadarkaa baduurra ga'a jiru. Kanaafuu afheddummaan haala gaariin yoo qabamuu baate dhiibba fiduun isaa hin oolu.

## 2.7. Dandeettii Af-heddee Barachuurratti Wantoota Dhiibbaa Fidan

Akka qoranoon ibsutti ykn agarsiisutti, afaan barachuun/argachuun yeroo dheeraa fudhata. Dheerinni yeroofi qabatamaan haalonni mul'atan afaan lammaffafi afaan dabalataan barachuuf wantoonni dhiibaa geessisan ni jiru. Torri interneetii Ryerson.co/mylanguage/resrouces/dvdCollier,1989;Cummins,1991 wabeeffachuun akka ibsetti. Aadaa hawaasa biratti baratame(Socio-cultural adaption), akkaataa itti daa'imman jajjabeeffaman(Motivation /especialy some age peers speaking the language), lammummaan/saalaan qooduun/ balaalefachuu(Ethnic/ gender discrimination), rakkina

xiinsammuu (Spychological condition e.g post-traumatic stess reugee children), haala jireenya maatii/hawaasaa (Family socio-economic states), dhiibaa afaan manatti dubbatan(Language spoken in the home exposere), garaagarummaa dhuunfaa(Individual differences e.g intelligence, specific learning challenges, temperament, learning style), sodaa (Anxiety), Kaka'umsa (Motivation), Ilaalcha (Attitude) kennama (Aptitude), Dandeetti Hubannoo (Intelligance), Koorniyaa (Gender), Mala Barsiisuu ( Teaching Method, Siyaasa (Politics)fi k.k.f. dha.

## 2.8. Af-Heddummina Akka Itoophiyaatti

Itoophiyaan biyya sabaafi sablammoonni hedduun keessatti argamaniidha. Sabaafi sablammoonni biyyattii keessatti argaman kunniin ammo afaaniifi aadaa mataa isaanii qabu. Akka ragaan mul'isutti Itoophiyaa keessatti afaanota 80 kan ta'antu dubbatama. Afaanota kanneen keessaa garuu carraa afaan barnootaafi afaan hojii ta'uu kan argatan muraasa ta'u. Uummanni Itoophiyaa baay'een afaan lamaafi isaa ol kan dubbatu yoo ta'u, irra caalaa carraa kana kan qaban namoota naannoo daangaa biyyaafi naannoleetti argamaniidha. Akkasumas, magaalota gurguddoo biyyattii keessatti sabaafi sablammoonni hedduun waan argamaniif carraan namoonni afaan hedduu dubbatan ni argama.

### 2.8.1. Af-heddumminaafi Imaammata Afaanii Itoophiyaa

Itoophiyaan yeroo garaa garaatti imaammata barnootaafi afaanii baaftee itti fayyadamaa turteetti. Haa ta'u malee yeroo dheeraadhaaf imaammanni afaanii biyyattii af-heddummaa kan hin kabajneefi afaan tokko qofa guddisuufi afaan barnootaafi afaan hojii taasisuurratti kan xiyyeeffatu ture. Biyyattiin bara 1908-1991tti imaammata barnootaa gurguddaa sadii baaftee hojiirra oolchiteetti( Ikome 2019:34). Imaammata barnootaa biyyattiin hordoftu bara mootummaa Hayilasillaaseefi Dargii keessatti imaammata "Afaan tokko, biyya tokko" jedhu yoo ta'u, afaan Amaaraa qofa Afaan barnootaafi hojii taasisuun dirqamaan sabaafi sablammoota biyyattii irratti fe'uu ture. Isaan kanarraa adda kan ta'e imaammanni afaanii bara 1991( ADWUI) immoo carraa sabaafi sablammoonni kamiyyuu afaan dhalootaa isaaniin akka baratan, akkasumas, afdanummaan biyyattii keessatti akka dagaagu kan affeeruudha( Heugh 2007:44)

Imaammannii barnootaa bara Hayilesillaasee qophaa'e ifaatti kan hinlabsamne yoo ta'u, imaammanni kun afaan Amaaraa afaan hojii biyyattiiti haa jedhu malee, afaan barnootaa kam akka ta'e hincaqasu. Imaammanni kun ifaa ifatti jiraachuu baatullee garuu dhoksaadhaan afaan

Amaaraa guutummaa biyyattii keessatti dagaagsuufi biyya aftokkeefi aadtokkee taate ijaaruu ture( Alelign Aschale 2013: 10)

Kufaatii mootummaa Hayilesillasee booda bara 1974, Dargiin aangoo mootummaa giddu galeessaa yoo dhuunfatu akkuma duraanii imaammata afaanii “aftokkee” hordofaa ture. Imaammanni kunis afaanota kanneen biroo dhabamsiisuun afaan Amaaraa qofa olkaasee kanleellisu trure. Haaluma kanaan afaan barnootaa idileen duraa - kutaa 6tti afaan Amaaraa, kutaa 8 – Yuunivarsitiitti, akkasumas akka barnoota afaaniitti kutaa 3-6tti afaan Ingiliziin barnoonni kennamaa ture.

Bara 1984 ammoo mootummaan ADWUI imaammata siyaasaafi barnootaa duraan ture irraa adda kan ta’e, imaammata afaan hundayyuu walqixatti kabaju baasuun, naannoleen biyyattii keessatti argaman afaan dhalootaan barnoota kutaa 1-8 akka kennan taasiseera. Imaammanni kunis sabaafi sablammoonni biyyattii afaaniifi aadaa isaanii akka dagaagfatan kan taasisuufi afaanota hedduu afaan barnootaa, afaan hojiifi afaan sabquunnamtii akka ta’an kan taasiseedha(Ikome 2019: 46). Haaluma kanaan barnoonni kutaa 1-8tti afaan dhalootaan, kutaa 9-yuuniversitiitti( naannolee muraasa keessatti ammoo,  kutaa 7 irraa eegalee) afaan Ingiliffaan kan kennamu yoo ta’u, akka barnoota afaaniitti ammo afaan Ingiliffaa naannolee hunda keessatti kutaa 1-12tti, akkasumas, afaan Amaaraa kutaa 5-12tti kan kennamuudha.

## 2.9. Barruulee Walfakkii

Barreeffamoonni,joornaalonniifi artiikiloonni garaa garaa mata duree kanaan walqabatan akka sadarkaa addunyaatti qopha'aniiru. Akkasumas qorannoowwan muraasa ta’an akka biyya keenyaatti dhimmuma kanarratti geggeeffamanii jiru. Xiyyeeffannoon barreeffamoota kanaas kallattii garaa garaan waa'ee af-heddummaarratti kan xiyyeeffatuudha.

Lyre Ruiz de Zarobe and Yolanda de Zarobe,(2015) joornala mata dureen isaa " New perspective on multilingual and L2 acquisition" jedhu irratti af-heddummaan yaadrimee walxaxaa( complex) ta'uu isaafi sababoota walxaxaa isa taasisan eeraniiru. Keessumaa hawaasa yeroo ammaa keessatti dhimmi kun xiyyreffannoo guddaa kan barbaadu ta'uu isaa joornalii kun ni eera. Bakkii bal'inaan afheddummaan itti mul'atullee dirree/mana barnootaa ta'uusaa namoonni kun ibsaniiru.

Dabalataanis Pirojejektiin MIME(2017) mata duree "The multilingual challenge" jedhu irratti dhiibbaa af-heddummaan hawaasa Awurooppaa irratti qabu bu'uura taasifachuun keessumaa dhimma hawaasummaa, aadaafi xinqioqa, sabquunnamtiifi afaan baruu-barsiisuu keessatti dhiibbaa akkamii geessisa kan jedhu pirojektiin kun xiinxaleera.

Karaa biraatiin ammoo Marlin Vihman (1985) “article in journal of child language” jedhu irratti daa'imman akkamitti afheddee akka ta'an jalqabarraa ka'uun jechoota isaan guyyaa guyyaan dubbatan waraabuun agarsiifteetti. Haaluma kanaan daa'imman sadarkaa jechoota guyyaa guyyaatti baruu irraa jalqabanii gara hiika jechootaa xiinxaluutti darbuun afaan dhalootaa isaanii biratti afaan biroo barachuu danda'uu isaanii qorannoo artiikilii kanarratti maxxanfamerraatti agarsiifteetti.

Qorannoon Indaalaa Girmaa(2008) “Xiinxala hirmaannaa barattoota kutaa 10[ffaa] afaan oromoo akka afaan lammaffaatti baratan”,jedhu irratti geggeesseen haala barattoonni afaan Oromoo akka afaan lammaffaatti barataniifi rakkoo barattoota kana quunnamu adda baasuun xiinxalee jira. Qorannoosaa kanarraa akka hubatamutti barattoonni afaan dhalootaa isaanii alatti afaan Oromoo baratan daree keessatti hirmaannaan isaanii gadi bu’aa kan ta’eefi sababoota adda addaa irraa kan ka’e fedhii isaan afaan Oromoo barachuuf qaban gadi bu’aa ta’uusaati. Akka Indaalaa Girmaa kaa’utti barsiisonni barattoota Afaan Oromoo akka afaan lammaffaatti barataniif xiyyeeffannoo addaa gochuu dadhabuunsaa barattoonni kunniin afaan kana baruuf akka duubatti harkifatan taasiseera. Haa ta’u malee qorannoon kun Barattoota afaan Oromoo akka afaan lammaffaatti baratan qofa malee barattoota hunda kan ilaallatu waan hin taaneef, qorannoo qoratichi geggeesse keessatti gama faayidaafi dhiibbaa afdanummaan baruu-barsiisuu keessatti qabu xiinxaleera.

Walumaa galatti barruuleefi qorannoowwan garaa garaa mata duree kanaan walqabatan hiika af-heddummaarraa ka'ee dhimmoota garaa garaa afheddummaa keessatti caliqqisan irratti xiyyeeffatanii qorannoo garaagaraa dhiyeessaniiru. Yaada hayyootaa kana bu'uura taasifachuun qorannoon qoratichaan adeemsifame kunis faayidaafi dhiibbaa afheddummaan barattoota irratti qabu xiinxaluun ibsuudha.

### 2.10. Yaaxxina Qorrannichaa

Afaan barachuu yaada jedhu ka'umsa godhachuun beektonni mala dhahaa addaa addaa qorannoofi qo'annoo garaa garaa taasisaniiru. Kana malees, mala dhahaa ciicataa, mala dhahaa uumamaafi mala dhahaa bu'aati. Afaan barachuu keessatti immoo mala dhahii bu'aa iddoo guddaa qabu. Kaayyoon mala dhahaa kanaa inni guddaan barattoonni afaan lammaffaa yokiin afaan baruu barbaadan sana bu'aa isaa wajjiin akkamitti hubachuu danda'u jechuu irra darbee yoomessa afaan sun keessatti dubbatamaa jiru keessatti argamuun osoo namni biraa dhiibbaa irratti hin geessisiin ofiin ofqoruun, ofiin ofsirreessuun, qooqa hedduu, dandeettii afaanii waliin erga baratee booda itti fayyadamuu danda'uudha.

Hayyuun Merrill Swain (1995). Yemmuu yaada kana ibsitu ''faayidaan bu'aa afaan barachuu barattoonni dandeettii ofiin ofqoruu danda'uu, Hubannoo olkaasuu, Faayidaa afaan hedduu beekuu qabaachuudha'' jetti. Haaluma kanaan dhimma kana keessatti barbaachisummaa, maalummaa, ga'eefi firii isaanii ciminaa fi laafina mala dhahii bu'aa qabu kennamuufii yaalameera.

Malli kun malawwan kaan irraa adda kan isa taasisu, barataan afaan lammaffaa baratu tokko hubannaa hiika jechaa irraa kaasee hanga xiinhimaa ijaaruutti keessa darbuu isaati. Kana malees, karaa barataan tokko waan shaakale sana bu'aa isaa argatudha Adeemsi mala dhahii bu'aa kun barattoota Afaan baratan keessaa dandeettii dubbisuu shaakalanii bu'aa shaakala isaanii yoo argan adeemsi akkasii kun mala dhahii bu'aa jedhama. Karaa biraatiin Afaan lammaffaa barachuuf jechoota naannootti akka tasaa dhagahan irraa ka'uun waan xiqqoo xiqqoo hubachuu qofaa osoo hin taane, waan dhagahan sana hubatanii booda gara xiinhimaa yokiin himoota addaa addaa ijaaruuf itti fayyadamuuf adeemsa taasisanidha.

Akka Merril Swain (1995) jedhutti ''Namni tokko ofii isaatiin ofdanda'uun jechoota dhaga'ee hiika isaanii waliin hubachuun xiinxaluun xiinhima garaa garaatti fayyadamuun, bu'aa afaan baruu sana irraan dhuma irratti argamudha''jetti. Karaa biraatiin kana jechuun ''Barattoonni afaan lammaffaa baratan kaka'umsa mataa isaaniitiin ofdanda'anii jechoota hubatan sana walitti fiduun himoota hiika guutuu dabarsu ijaaruun bu'aa dhumarratti afaan baratamu sanarraa argamudha'' jetti. Beekumsi afaanii meeshaalee deggersa barnootaa, seerluuga irratti osoo hin taane shaakala jechoota hedduurratti gochuu, shaakala dhaggeeffachuu, dubbachuu, akkeessuu,

barreessuufi dubbisuu qabna. Unka isaarratti osoo hin taane waliigaltee barataarratti xiyyeeffachuu, dhaggeeffachuun dubbachuu dursa, dubbisuun barreessuu dursa. Akka mala dhahii kanaatti fuulleffannaan afaanii caasaa afaaniiti. Akka yaadiddama kanaatti barattootni dandeettii isaanii karaalee shaakkala hojjechuu gocha kenname shaakkaluu karaa dubbiifi barreessuudhaan beekumsa horatan karaa baasanii itti fayyadaman jechuudha. Itti dabalee walitti dhufeenyi ciicataafi bu'aa afaan lammaffaa baruu ta'a. Faayidaan guddaan barattootni afaan lammaffaa baratan walitti dhufeenya waliin taasisan gidduutti gammachuu guddaatuu gidduu isaaniitti dhaga'ama. Afaan isaan itti fayyadaman akka walii galteetti isaan fayyadeera. Isaanumti afaan baraan kanaan of eeganii rakkoo isaan mudatee yoo furan kun bu'aa yaaxxina kanaa agarsiisa.

Walumaa galatti yaadiddamni bu'aa, afaan lammaffaa barachuu keessatti adeemsa barattoonni afaan lammaffaa baratan hiika jechootaa irraa kaasanii hanga afaan sanaan fayyadamuutti keessa darbanidha jechuun warren mala dhahaa kana qoratan irratti walii galu. Yaaxxina kana bu'uura taasifachuun qorataan kunis fayyadama af-heddumminaa mana barumsaa Gafarsaa giriin keessa jiru irratti xiyyeeffachuun haala fayyadama heddumminaa barattootaa xiinxaluun ibsuudha

.

# BOQONNAA SADII: MALLEEN QORANNICHAA

## 3.1. Irraawwatama

Qorannoon kun kan irratti gaggeeffame barattoota mana barnootaa dhuunfaa magaaalaa Buraayyuu keessa jiran keessaa mana barumsaa Giriin Gafarsaa Sadarkaa 1[ffaa] keessa jiran irrattiidha. Barattoota hunda hirmaachisuun waan ulfaatuuf barattoota muraasa filachuudhaan kan raawwatameefi barsiisotaa muraasa kan hirmaachiseedha. Akkasumas manneen barnootaa dhuunfaa magaalicha keessa jiran hunda irratti qorannoo kana gaggeessuun waan ulfaateef mana barumsaa tokko filachuun qorannoon kun adeemsifameera. Kanaafuu qorannoon kun manneen barnootaa dhuunfaa bulchiinsa magaalaa Buraayyuu keessatti argaman keessaa Mana Barumsaa Gafarsaa Giriin irratti kan xiyyeeffateedha. Odeeffannoo kana walitti qabuuf barattoonniifi barsiisonni irratti hirmaatanii jiru. haaluma kanaan gaaffii bar-gaaffiifi afgaaffiidhaan dhiyaate irratti barattoonni 100 kan hirmaatan yoo ta'u, Kanneen keessaa barattoota hunda hirmaachisuun waan ulfaatuuf barattoota 20f af-gaaffiin taasifameera. Akkasumas, barsiisonni 6 af-gaaffiirratti kan hirmaatan yoo ta'u, isaanis dhiira 4fi dubartii 2 ta'u.

Barattoota iddattoof filataman 120 keessaa barattootni dhiiraa 85 yoota'an, barattootni dubaraa ammoo 55 ta'u. Barattoonni af-gaaffiin dhiyaateef digdaman asuma keessaa calalamanii ba'an. Karaa umurii barattootatiin immoo barattootni waggaa 10-11 keessa jiran barattootni dhiiraa 17 yoo ta'an barattootni dubaraa immoo 16 ta'anii argamu. Walumaa galatti barattootni 33 ta'an umurii kana keessatti argamu. Waggaa 12-14 keessatti ammoo barattoota dhiiraa 27fi barattoota dubaraa 16 ta'an yemmuu argaman, walumaagalatti barattoota 43 ta'antu umurii kana keessatti hirmaatanii jiru. Umrii 15fi isaa olii keessatti immoo barattoota dhiiraa 21fi barattoota dubaraa 23 ta'antu argamu. Walumaagalatti, barattoota 44 ta'an umrii kana keessatti hirmaataniiru.

Akkasumas, barsiisota 6 af-gaaffii irratti hirmaatan keessaa barsiisonni dhiiraa 4 yoo ta'an, barsiisonni dubaraa ammoo 2 ta'u. Gama umrii barsiisotaatiin yoo ilaalle ammo barsiisonni dhiiraa 2fi dhalaa 1 umrii 27-30, barsiisaan dhiiraa 1 umrii 31-35fi barsiisonni dhiira 1fi dhalaa 1 ammoo umrii 36-40 keessatti argamu. Walumaa galatti raga bargaaffiifi afgaaffiif iddattoowwan filataman barattoota 120fi barsiisota 6 ta'u.

## 3.2. Meeshaalee Funaansa Ragaalee

Qorannoon kun yommuu gaggeeffamu tooftaalee odeeffannoo funaanuuf gargaaran keessaa afgaaffii, bargaaffiifi daawwannaa fayyadameera. Kunis bakka qorannoon itti gaggeeeffamu/mana barumsaa deemuun barattoota, barsiisotaafi maatii barattootaaf gaaffii afaaniifi barreeffamaafi daawwannaa taasisuun kan raawwatamee dha.

### 3.2.1. Bar-gaaffii

Bar-gaaffiin iddattootarraa odeeffannoo baay'ee funaanuuf gargaara. Malli kanatti fayyadamuun gaaffii barreeffamaa qopheessuun barattootarraa odeeffannoo walitti qabameera. Haaluma kanaan barattoota mana barumsichaatti kutaa 5-8 baratan, fayyadama afheddumminaa mana barumsichaa keessa jiru sakatta'uuf bar-gaaffiin barattootaaf dhiyaateera. Baay'inni gaaffilee barattootaaaf dhiyaate kudha-tokko yemmuu ta'an , gaaffileen kennaman irra caalaan cufaa yoo ta'an gaaffileen banaa ta'an immoo muraasa. Bakka yaada dabalataa qabanitti immoo, bilisaan barreessuun akka deebisan carraan kennameefii jira. Odeeffannoo bar-gaaffiin barattoota irraa walitti qabachuufis barattoota mana barumsichaa kutaa 5-8 baratan 360 keessaa barattoota 120 filachuun kan gaggeeffame yoo ta'u, barattoota kanneen keessaa barattoota 100f bargaaffiin kan qophaa'eefi kanneen 20 ta'aniif ammo af-gaaffiin qophaa'uun odeeffannoon walitti qabameera. Barattoota bargaaffiif filataman kanaaf waraqaan 100 raabsameefii hundi isaayyuu harkaa fuudhamuun qorannoo kana keessatti ragaa qaacceeffameef dhimma itti ba'ameera.

### 3.2.2. Af-Gaaffii

Qorannoo kana geggeessuudhaaf qorataan kun mala odeeffannoo ittiin funaanan keessaa afgaaffiitti fayyadamee jira. Kunis qaama dhimmi isa ilaallatu wajjin af-gaaffiifi deebii taasisuun odeeffannoo qabatamaa argachuu ta'a. Kunis, qorannoon gaggeeffamaa jiru hagam dhugaa akka ta'e hubachuuf nama gargaara.

Af-gaaffiin gosoota odeeffannoon qorannoo ittiin funaanamu keessaa isa tokko ta'ee, kan qorataafi odeef-kennitoonni fuulleetti wal-arganii odeeffannoo walii kennaniidha. Odeeffannoo af-gaaffiidhaan funaanamu wanti gaarii taasisu qorataan gaaffii isaa sirriitti ifa godhee akka ibsuuf odeef- kennitoota gaafachuu danda'uusaati. Qorannoo kana keessatti qorataan , af-gaaffii barsiisotaafi barattoota digdama ta'aniif af-gaaffii dhiyeessee jira. Barattoonni af-gaaffii keessatti hirmaatan kannee bar-gaaffii keessatti hirmaatanis kanneen bar-gaaffii keessatti

hirmaataniin ala.Sababnisaas barattoonni bar-gaaffii keessatti hirmaatan af-gaaffii keessatti kan hirmaatan yoo ta’e, odeeffannoon argamuu malu irra deddeebii godhachuu waan danda’uuf barattoonni kun qofaatti filamanii odeeffannoon irraa walitti qabameera. Akkasumas barsiisonni ja’a af-gaaffii keessatti kan hirmaatan yoo ta’u, barsiisonni kunniin mata duree kanaratti hubannoo kanqabaniifi barsiisota afaaniiti. Af-gaaffiin barsiisotaaf qophaa’e af-gaaffiiwwan jaha yoo ta’u , kan barattootaaf dhiyaate immoo af-gaaffiiwwan sadi dha.

### 3.2.3. Daawwannaa Daree

Daawwannaan tooftaalee funaansa ragaalee keessaa isa tokkoodha. Gaaffilee raabsuun Odeeffannoo funaanuun dura daawwannaa daree gochuun adeemsa baruu-barsiisuu kutaa keessa jiru barsiisaafi barataadhaan osoo hinmaqne/hindhokanneefi hinfooyyofne/ ilaaluun yookiin daawwii dursuun nigargaara jedhee qorataan wanta yaadeef Baruu-barsiisuu qabatamaa ta’e hubachuuf daawwannaa daree dursuuf dirqameera.

Qorannoo kanaafis unkaa mirkaneeffannaa qopheeffachuun dareewwan saddet(8) jiran keessaa qorataan dareewwan afur(4) iddattoof filatee kan itti fayyadame yoo ta’u, daree arfanuu akkuma jirutti fudhachuun tokkoon tokkoo daree , al lama lama walumaa galatti yeroo saddetiif daawwannaa daree gaggeessee jira. Qoratichi daawwannaa daree geggeesse keessatti qaamolee kallattiin qooda fudhatan barattootaafi barsiisota daawwateera. Kunis adeemsa baruu-barsiisuu keessatti itti fayyadamni afaanota hedduu barsiisotaafi barattoota gidduutti akkamitti hojiirra akka ooluu daawwachuuf kan gargaaruudha. Akkasumas, hirmaannaan barattootaa maal akka fakkaatuufi barsiisonni haala kamiin barattoota afaan hedduu beekaniifi kanneen afaan tokko qofa beekan waliin madaalchisuun hirmaannaa barattoonni afaan hedduu baruuf taasisan deggeru kan jedhan kallattiin dareetti argamuun daawwachuuf qoratichi tooftaa kanatti fayyadameera.

## 3.3. Mala Iddattoo

Qorataan kun qorannoo kanaaf kan mijataa ta'e mala iddattoo mit-carraa/kaayyeeffataa fi iddattoo carraa walkeessa fayyadamuun ragaa walitti qabateera. Iddattoo mit-carraa fayyadamuun kan barbaachiseefis ragaa quubsaa argachuuf barattoota dubbisuufi barreessuu danda'aniifi barsiisota dhimma kanarratti hubannoo qaban irraa odeeffannoo argachuuf jedhameeti. Haaluma kanaan manneen barnootaa dhuunfaa magaalaa Buraayyuu keessatti argaman keessaa tokko fiachuun kan raawwatame yoo ta’u, Mana barumsaa Gafarsaa Giriin

sadarkaa tokkooffaa keessaa barattoota kutaa 5-8 irratti kan xiyyeeffateedha. Akkasumas qorataan kun barattoota kutaa 5-8 baratan 360 hunda hirmaachisuun waan ulfaatuuf mala iddatteessuu carraa fayyadamuun barattoota 120 filachuun raga walitti qabateera.

## 3.4. Tooftaa Xiinxala Ragaalee

Meeshaalee funaansa ragaalee sadeeniin odeeffannoon erga walitti qabameen booda hojiin itti aanu tartiiba qabsiisuu, qindeessuufi ibsuu ta'a. Odeeffannoo ragaa karaa bar-gaaffii, af- gaaffiifi daawwannaa dareetiin barattootaafi barsiisotarraa funaanamu haala wal-fakkeenya deebii isaaniitiin gosa gosaan qoqqoodamaniifi waliitti qabamanii xiinxalamaniiru. Odeefannoo bar-gaaffii barattootarraa argaman xiinxaluuf baay'ina deebistootaa gara dhibbeentaatti jijjiiruun gabateedhaan xiinxalameera. Kunis bar-gaaffii qophaa'e irratti hundaa'uun mala ammamtaatti fayyadamuun xiinxalameera.

Qorataan, Af-gaaffii barsiisotaafi barattoota gidduutti gaafiifi deebiin argate akkasumas daawwannaa daree taasiseen haala baruu- barsiisuu barattootaafi barsiisota gidduu jirurraa argate immoo, mala akkamtaatti fayyadamee kan xiinxale yoo ta'u, walumaagalatti qorannoon kun mala ammamtaafi mala akkamtaatiin kan xiinxalame waan ta'eef ,qorataan qorannicha mala makaatiin kan gaggeesse ta'uu isaati.

# BOQONNAA AFUR: XIINXALA RAGAALEE

## 4.1. Xiinxala Ragaa Bar-Gaaffii Barattootaa Irraa Argame

Odeeffannoo barattoota irraa argachuuf barattootaaf gaaffiin bargaaffii dhiyaateeraaf. Gaaffii dhiyaateef kanarratti hundaa’uun odeeffannoo barattoota bar-gaaffiin dhiyaateef irraa argame gabateetti garaa garaatti fayyadamuun kan qaacceeffaman yoo ta’u, odeeffannoo gabatee irraa argame biratti ammoo bakka barbaachisaa ta’etti gaaffii afaanii barattoota 20fi barsiisota 6 irraa argames itti dabaluun gabatee alatti qaacceefamanii jiru.

**Gabatee 1:** Afaan dhalootaa/Afaan barattoonni ittiin afaan hiikkatan adda baafachuuf gaaffiin barattootaaf gabatee kanaa gadii keessatti dhiyaateera.

| Lakk | Gaaffiiwwan | Deebi kennitoota | | | | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | | A | | B | | C | | D | | Ida’ama | |
| | | Baay’ina | % n | Baay’ina | % n | Baay’ina | % n | Baay’ina | % n | Baay’ina | % n |
| 1 | Afaan dhalootaakee/afaan kamiin afaan hiikkatte? | 68 | 68 | 30 | 30 | - | - | 2 | 2 | 100 | 100 |

Ibsa- A= Afaan Oromoo B= Afaan Amaaraa C= Afaan Ingilizii D= Kanneen biroo

Akka odeeffannoo gabatee armaan oliirraa hubatamutti barattoonni gaaffiin kun dhiyaateef 100 keessaa barattoonni 68(%68) afaan dhalootaa/afaan isaan ittiin afaan hiikkatan Afaan Oromoo yoo ta’u, Barattoonni 30(30) ta’an ammoo Afaan Amaaraan kan afaan hiikkataniidha. Akkasumas, barattoonni 2(%2) afaan Oromoofi Afaan Amaaraa alatti afaan kan biraadhaan afaan hiikkachuu isaanii gabatee armaan oliirraa nihubanna. Haa ta’u malee afaan Ingiliffaatiin barataan gaaffiin kun dhiyaateef kamiyyuu akka afaan hinhiikkanne hubachuun nidanda’ama. Haaluma kanaan akka ragaa gabatee kanaa oliirraa hubachuun danda’amutti barattoonni odeeffannoon kun dhiyaateef irra caalaan Afaan Oromoon kan afaan hiikkatan % 68 yoo ta’an, Afaan Amaaraa kan afaan hiikkatan immoo % 30 ta’uu hubanna. Walumaa galatti bakka qorannoon itti adeemsifame kana sabaafi sab-lammoonni garaa garaa kan jiraatan yoo ta’u, irra caalaa garuu uummaanni bakka kana jiraatu Afaan Oromoo bal’inaan kanneen dubbataniidha.

Akka ragaa qoratichi duubee manneen barnootaa qorachuun argatetti waggoota muraasa dura manneen barnootaa magaalicha keessa jiran hedduun isaanii Afaan Amaaraa qofa fayyadamaa kan turan yoo ta'u, fedhii uummanni daa'imman isaanii afaan dhalootaafi afaan garaa garaa akka baratuuf qabuufi adeemsa imaammata barnootaa biyyattii hordofuun bulchiinsi magaalaa fudhateen gara afaan dhalootaan barattoota barsiisuutti dhufaniiru.

**Gabatee 2:** Barattoonni maatii isaanii waliin afaan kamiin walii galu kan jedhu adda baafachuuf.

| Lakk | Gaaffiiwwan | Deebi kennitoota | | | | | | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | | A | | B | | C | | D | | E | | Ida'ama | |
| | | Baay'ina | % n | Baay'ina | % n | Baay'ina | % n | Baay'ina | % n | Baay'ina | % n | | |
| 1 | Maatiikee waliin afaan kamiin walii galta? | 14 | | 8 | | - | | 74 | | 2 | | | |

Ibsa- A= Afaan Oromoo qofa B= Afaan Amaaraa qofa C= Afaan Ingilizii qofa
D= Afaan Oromoofi Afaan Amaaraa E= Afaan Oromoo, Afaan Amaaraafi Afaan biroo

Gaaffii barattootaaf dhiyaate gabatee armaan oliirra akkuma hubannutti barattoota 100 keessaa barattoonni 14(%14) ta'an afaan maatii isaanii waliin Afaan Oromoo qofa kan dubbatan yoo ta'an, barattoonni 8(%8) ammoo Afaan Amaaraa qofaan walii galu. Kana jechuun garuu barattoonni kuniifi maatiin barattoota kanneenii afaan tokko qofa beeku jechuu miti. Maatiin sababa adda addaan afaan tokko qofa fayyadamuu danda'a waan ta'eef. Barattoon 74(%74) ta'an garuu akka ragaan gabatee keessaa agarsiisutti Afaan Oromoofi Afaan Amaaraa fayyadamuun maatii isaanii waliin walii galuu akka danda'an hubanna. Barattoonni 2(%2) ta'an garuu Afaan Oromoofi Afaan Amaaraa dabalatee afaan kan biraa akka fayyadaman odeeffannoon kun ragaadha. Akka ragaa gabatee 3fi 4 kanaa oliirraa hubannutti barattoonni odeeffannoon irraa argame hedduun isaanii afaan dhalootaa/ kan ittiin afaan hiikkatan alatti afaan biraa dubbachuu akka danda'aan argina.

**Gabatee 3:** Hiriyoota isaanii waliin afaan kamiin akka walii galan adda baasuuf.

| Lakk | Gaaffiiwwan | Deebi kennitoota | | | | | | | | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | | A | | B | | C | | D | | E | | F | | Ida’ama | |
| | | Baay’ina | % n | Baay’ina | % n | Baay’ina | % n | Baay’ina | % n | Baay’ina | % n | Baay’ina | % n | | |
| 1 | Mana barumsaatti hiriyootakee waliin afaan kamiin walii galuu dandeessu? | 28 | 28 | 16 | 16 | - | - | 46 | 46 | - | - | - | - | 100 | 100 |

Ibsa- A= Afaan Oromoo qofa B= Afaan Amaaraa qofa C= Afaan Ingilizii qofa
D= Afaan Oromoofi Afaan Amaaraa E= Afaan Oromoo, Afaan Amaaraafi Afaan Ingilizii
F= Kan biraa

Ragaa gabatee 3 irratti gaaffii barattootaaf dhiyaate irraa yaada isaan filannoodhaan deebisan irraa akkuma hubatamutti barattoonni gaaffiin dhiyaateef 100 keessaa barattoonni 5(%5) ta’an Afaan Oromoo qofaan hiriyyoota isaanii waliin walii galuu akka danda’aniifi afaan Amaaraa qofaan, afaan Ingiliffaa qofaafi afaan biroon qofa kan dubbatan garuu akka hin jirre argina. Barattoonni harki caalaan, jechuunis barattoonni 87(%87) ta’an afaan Oromoofi Afaan Amaaraan kan walii galan yoo ta’u, barattoonni 6(%6) ta’an ammoo afaan sadii Afaan Oromoo, Afaan Amaaraafi Afaan Ingiliziitii walii galuu danda’uu isaanii hubanna. Ragaa kanaa olitti dhiyaate kan gabatee $2^{ffaa}$fi $4^{ffaa}$ wal bira qabnee gaafa xiinxallu, barattoota Afaan Oromoon afaan hiikkatan 68(%68) keessaa barattoota 6(%6) qofatu afaan Oromoo qofa dubbata jechuudha. Akkasumas, Barattoota 30(%30) Afaan Amaaraan afaan hiikkatan hundi isaaniiyyuu afaan dhalootaa isaanii cinatti afaan dabalataa dubbachuu akka danda’an hubanna. Barattoota 2(%2) afaan kan biroon afaan hiikkatan garuu, afaan dhalootaa isaaniin hiriyyoota isaanii waliin kan hindubbanne ta’uu gabatee lamaan kana walbira qabnee yoo ilaallu hubachuu dandeenya.

**Gabatee 4**: Gaaffii fedhii barattoonni wal-qunnamtiirratti hundaa'uun dareen ala Afaan hedduu baruuf qabaniifi gargaarsa gama barsiisaatiin isaaniif godhamu xiyyeeffate

| Lakk | Gaaffii | A | | B | | C | | D | | E | | Ida'ama | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | | lakk | %n | lakk | %n | lakk | %n | lakk | %n | lakk | %n | lakk | %n |
| 1 | Daree barnootaan alatti walquunnamtii namoota waliin taasiftuun afaan hedduu baruuf fedhii qabdaa? | 17 | 17 | 25 | 25 | 53 | 53 | 3 | 3 | 2 | 2 | 100 | 100 |
| 2 | Gargaarsi barsiisonni daree alatti mala wal-quunnamtiin afaan baruuf sii taasisan maal fakkaata? | 15 | 15 | 16 | 16 | 38 | 38 | 14 | 14 | 17 | 17 | 100 | 100 |

**Ibsa:** A=Haalaan olaanaa B=Olaanaa C=Giddu-galeessa

D=Gadi-aanaa E=Haalaan gadi-aanaa

Akka gabatee 4 lakkoofsa gaaffii 1 irra jirutti barattoonni %17 ta'an hedduu wal-qunnamtiirratti hundaa'uun dareen ala afaan baruuf fedhiin isaan qaban haalaan olaanaa ta'uun isaa ragaa kanarraa hubachuun danda'ameera.Barattoonni %25 ta'anis fedhiin isaan afaan hedduu wal–qunnamtii irratti hundaa'uun dareen ala baruuf qaban olaanaa ta'uun isaa hubatameera. Haata'u malee barattoonni lakkoofsaan baay'ee ta'an jechuun %53 ta'an immoo fedhiin isaan wal-qunnamtiirratti hundaa'anii dareen ala afaan baruuf qaban jiddu-galeessa ta'ee mul'ateera.Warri %3fi %2 ta'an immoo wal-duraa duubaan fedhii gadaanaafi haalaan gadaanaa akka qaban ragaan kun nimirkaneessa.

Walumaagalatti ragaalee gabatee 4 irraatti kaa'ame kanarraa hubachuun kan danda'amu barattoonni bar-gaaffii kanarratti haalaan olaanaafi olaanaa ta'anii argaman yoo wal-irratti ida'aman %42 ta'u.

Barattoonni %53 ta'an immoo fedhii jiddu-galeessa akka qaban hubatameera. Kana jechuun barattoonni kun dareen alattis afaan adda addaa shaakaluuf fedhii akka qaban hubanna. Sababni isaas barattoonni fedhii hinqabne walitti yoo ida'aman %5 kan hincaalleedha.

Gaaffii kana irratti hundaa'uun gaaffii banaa barattoonni yaada isaanii akka ibsaniif kennames kanuma mirkaneessa. Haaluma ragaa kanaa argameen barattoonni daree keessatti afaan adda addaa dubbachuu shaakalanis hiriyyoonni isaanii osoo isaanitti hinkofalle, barsiisaan isaanii otoo deeggarsa gochaafii isaan shaakalsiisee fedhii akka qaban ibsaniiru.Waan kana ta'eef,barattoonni Afaan dareen alattis mala wal- qunnamtiirratti hundaa'een afaan baruu akka fedhan ragaaleen kunneen nimirkaneessu.

Haaluma ragaa gabatee 4 gaaffii lakkoofsa 2 irratti taa'een barattoonni %15 ta'an gargaarsi gama barsiisaa isaaniitiin isaaniif godhamu haalaan olaanaa ta'uu agarsiisa. Barattoonni %16 ta'an immoo, gargaarsi isaaniif godhamu gama barsiisaa isaaniitiin olaanaa ta'uu, ragaan ni'eera. Haata'u malee barattoonni lakkoofsi isaanii baay'ee ta'e jechuun %38 ta'an immoo, deggersi isaaniif godhamu giddu- galeessa akka ta'e ragaarraa hubachuun danda'ameera. Barattoonni %14fi %17 ta'anis gargaarsi gama barsiisaatiin isaaniif godhamu duraa duubaan gadaanaa hanga haalaan gadaanaa ta'uu ragaarraa hubachuun nidanda'ama.

Akka af-gaaffii barattootaa muraasa irraa hubachuun danda'amettis barattoonni tokko tokko barsiisaan isaanii warra afaan danda'u qofa irratti akka xiyyeeffatuufi isaan hafan akka hinjajjabeessine af-gaaffiirraa mirkaneeffachuun danda'amee jira. Asirratti qorataan kan hubachuu danda'e gargaarsi gama barsiisaatiin isaaniif godhamu hanqina qabaachuu isaa daawwannaa daree godhamee waliin wal-bira qabuun mirkaneeffachuu danda'eera.

**Gabatee 5:** Barattoonni daree keessatti afaan beekaniin akka dubbatan fedhii qabaachuufi dhiisuu.

| Lakk. | Gaaffiiwwan | Deebii kennitoota | | | | | | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | | A | | B | | C | | D | | E | | Ida'ama | |
| | | Baay'ina | %n | Baay'ina | %n | Baay'ina | %n | aay'ina | %n | Baay'ina | %n | Baay'ina | %n |

| | | | | | | | | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| 1 | Daree barnootaa keessatti afaan beektuun dubbachuuf fedhii qabdu maal fakkaata? | 19 | 19 | 47 | 47 | 35 | 35 | 8 | 8 | 1 | 1 | 100 | 100 |
| 2 | Barsiisonni kee afaan beektuu akka dubbattuuf carraa siif kennuu? | 14 | 14 | 25 | 25 | 42 | 42 | 12 | 12 | 7 | 7 | 100 | 100 |

Ibsa: A= baayee olaanaa B= olaanaa C= giddu-galeessa

D= Gad-aanaa E= baay'ee gad-aanaa

Namni tokko afdaneessa ta'uudhaaf fedhiin inni afaan garaa garaa baruuf qabu murteessaadha. Kanuma bu'uura taasifachuun qoratichi fedhii barattoonni afaan baay'ee beekuuf qaban adda baafachuuf gaaffii gabatee kanaa olii keessatti lakkoofsa 1ffaa irraa jiru gaafateera. Akka ragaa gabatee 5 lakkoofsa gaaffii 1 irraa hubannutti barattoonni 19(%19) ta'an daree keessatti afaan beekaniin dubbachuuf fedhiin isaan qaban haalaan olaanaa yoo ta'u, barattoonni 25(%25) ta'an immoo fedhii olaanaa kan qabaniidha. Barattoonni 47 (%47) ta'an immoo fedhii jiddu-galeessa akka qaban hubachuun ni danda'ama. Barattoonni 8(%8) immoo fedhii gadaanaa kan qaban yoo ta'an, barataan tokko (%1) immoo fedhii haalaan gadaanaa ta'e qabaachuun isaa hubatamee jira. Walumaagalatti akka ragaa kanaatti barattoonni %44 ta'an Afaan beekaniin dubbachuun barachuuf fedhii olaanaafi haalaan olaanaa ta'e yoo qabaatan, barattoonni %56 ta'an immoo fedhiin afaan beekan hunda fayyadamuun barachuu isaanii giddu-galeessaa hanga haalaan gadaanaa ta'uun isaa hubatamee jira.

Gaaffiima kana irratti barattoota digdamaaf afgaaffii taasaifameen fedhiin isaan afaan adda addaa dubbachuun barachuuf qaban gaafataman irrattis deebiin isaanii baay'naan olaanaa ta'uu isaa hubatameera. Akkasumas gaaffima walfakkatu kana irratti barsiisotaaf dhiyaateen barattoonni afaan beekanitti fayyadamanii barachuuf fedhiin isaan qaban daran olaanaa ta'uunsaa hubatameera. Haaluma kanaan barsiisonni barattoonni isaanii yaada kitaaba barattootaarra jiru afaan barattoonni beekaniin maal jechuu akka ta'e akka himaniif carraa akka kennaniif afgaaffii barsiisotaaf dhiyaate irraa hubachuun danda'ameera. Kuni immoo mala baruu-barsiisuu keessatti barsiisaan haala dhiyaatina barnootaafi tooftaa barataa isaatti ittiin dhiyaatu kan mijeeffachuu qabu barsiisichuma mataa isaa ta'uu mul'isa.

Gaaffii 2ffaa irratti immoo, barsiisonni kee afaan beektuun akka dubbattuuf carraa siif kennuu? kan jedhuuf barattoonni filannoo adda addaan deebii isaanii deebisaniiru.  Akka ragaa gabatee kanarraa mul'atuuttii barattoonni % 14 ta'an filannoon isaanii haalaan olaanaa yoo ta'u, barattoonni  %25 olaanaa ta'uu isaa hubatamee jira. Barattoonni % 42 ta'an immoo giddu–galeessaa kan filatan yoo ta'u, barattoonni %12 ta'a ammo gadi aanaa kan filatan ta'uun hubatameera. Akkasumas barattoonni %7 carraan barsiisaan isaaniif kennu baay'ee gadi aanaa ta'uu isaa filannoo isaaniin agarsiisaniiru. Walumaa galatti deebii barattoonni kennan kanarraa akka hubachuun danda'amutti barsiisonni akka barattoonni afaan baran taasisuuf carraan isaan barattootaa kennan gadi bu'aa ta'uusaati.

**Gabatee 6:** Gaaffiin lammataa barattootaaf dhiyaate ammo: barsiisonni kee daree keessatti afaan beektuun gaaffii akka gaafattuufi deebii deebistuuf carraan siif kennan hagam sifayyade?

| Lakk. | Gaaffiiwwan | Deebii kennitoota | | | | | | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | | A | | B | | C | | D | | E | | Ida'ama | |
| | | Baay'ina | % n | Baay'ina | % n | Baay'ina | % n | Baay'ina | % n | Baay'ina | % n | Baay'ina | % n |
| 1 | Barsiisonni kee daree keessatti afaan beektuun gaaffii akka gaafattuufi deebii deebistuuf carraan siif kennan hagam sifayyade? | 19 | 19 | 47 | 47 | 13 | 13 | 8 | 8 | 1 | 1 | 100 | 100 |

Ibsa- A= Baay'ee Ol-aanaa B= Ol-aanaa C= Giddu-galeessa D= Gad-aanaa
E= Baay'ee gad-aanaa

Gaaffiin gabatee kanaa olii keessatti barattootaaf dhiyaate kun gaaffii gabatee 5ffaa waliin walqabataa waan ta'eef akkuma deebii isa duraa barattoonni 19(%19) yaada kana kan sadarkaa baay'ee ol-aanaan deggeran yoo ta'u , barattoonni 47(%47) yaadicha haala ol-aanaan kan deggeraniifi barattoonni 13(%13) ammo yaada kana giddu galeessaan kandeggeraniidha.

Akkasumas barattoonni 8(%8) ta'an filannoon isaanii gad-aanaa yoo ta'u, barataan 1(%1) garuu haalaan gad-aanaa filatee jira. Walumaa galatti barattoonni afaan hedduun barachuuf fedhii kanqaban yoo ta'u, fedhii qaban kanarratti hundaa'uun tattaaffiin barattootaafi hordoffiin barsiisotaa walsimachuun caalaatti barattoonni akka ciman taasisa. Akkuma beekamu sodaan namni tokko afaan baruuratti akka duubatti harkifatu taasisa. Kanaafuu hirmaannaan barattoonni daree keessatti taasisan barattoonni sodaa keessaa akka ba'aniifi afaan hedduu baraniif gahee guddaa taphata.

Gaaffii inni kan biraan barattootaaf dhiyaate, barnoota barsiisonni kee afaan garaa garaatti fayyadamanii siif ibsan immoo kan afaan tokko qofaan siif ibsantu siif hubatama? Kan jedhu yoo ta'u, deebii gaaffii kanaa ammoo barattoonni, lamaan keessaa tokko akka filatanii kan deebisaniidha.

**Gabatee 7**: Barattoonni daree keessatti barnoota afaan garaa garaatiin(afaan Oromoo, Afaan Amaaraa, Afaan Ingilizii) barachuun faayidaa qabaa?

| Lakk. | Gaaffii | Deebii kennitoota | | | | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | | A | | B | | C | | D | | Ida'ama | |
| | | Baay'ina | % n | Baay'ina | % n | Baay'ina | % n | Baay'ina | %n | Baay'ina | % n |
| 1 | Daree keessatti barnoota afaan garaa garaatiin(Afaan Oromoo, Afaan Amaaraa, Afaan Ingilizii) barachuun faayidaa hagamii siif qabaa? | 52 | 52 | 31 | 31 | 12 | 12 | 5 | 5 | 100 | 100 |

Ibsa- A= Daran ol-aanaa B= Ol-aanaa C= Giddu-galeessa C= Gad-aanaa

Gabatee kanaa oliirraa akka hubatamutti barattoonni 52(%52) af-danummaan mana barumsaa keessatti adeemsa baruu barsiisuuf faayidaa daran daran ol'aanaa kan qabu akka ta'e kan itti amanan yoo ta'u, kanneen 31(%31) ta'an ammoo sadarkaa ol-aanaa fayyaduu danda'a yaada

jedhu kan qabaniifi barattoonni 12(%12) immoo giddu galeessa kan jedhu filataniiru. Akkasumas, barattoonni 5(%5) garuu faayidaa gad-aanaa akka qabutti amanu.

Gaaffii gabatee kanaa olii keessatti dhiyaate bu'uura taasifachuun yaada isaanii bal'inaan akka ibasaniif gaaffiin barattootaaf dhiyaateera. Gaaffii dhiyaateefi yaada barattootarraa argame akkaataa walitti dhiyeenya isaatiin akka armaan gadiitti qaacceeffamaniiru. Gaaffii banaan barattootaaf dhiyaates: Gaaffii gabatee armaan olii irratti hundaa'uun faayidaan af-danummaan baruu barsiisuu keessatti siif qabu maal akka ta'e tarreessi kan jedhuudha. Gaaffii kanaaf odeeffannoo barattoonni kennan akka kanaa gadiitti qaacceeffamaniiru.

Akkuma yaada barattoonni kennan irraa hubachuun danda'amutti barattoonni gaaffii isaaniif dhiyaateef kallattii isaanitti dhaga'ameen deebisanii jiru. Haaluma kanaan barattoonni 28(%28) daree keessatti afaanota adda addaan barachuun barnoota barataniin alatti dandeettii afaanota adda addaa gadi fageenyaan hubachuu akka isaan gonfachiise ibsaniiru. Barattoonni 33(%33) ammoo qabiyyee barnoota baratanii gadi fageenyaan hubachuuf akka isaan fayyadu yoo ibsan, kunis afaan garaa garaan waan ibsamuuf kallattii adda addaan akka isaaniif hubatamuu danda'u nitti agarsiisa. Barattoonni 20(%20) ta'an ammoo, daree keessatti shaakala afaanota garaa garaan hojjechuun akkasumas ibsi barsiisonni isaaniif godhaniin dandeettiiwwan afaanii adda addaa akka isaan gonfachiise ibsaniiru. Kunis afaan dhalootaa dabalatee afaan kanneen biroos sirriitti akka dubbataniifi itti gargaaraman isaan taasisuu hubanna. Dabalataanis barattoonni 29 (%29) ta'an bu'aa afaanota adda addaan barachuu irraa argamuun bakka adda addaatti dorgomaa ta'uu isaanii ibsu. Kunis hawaasa keessa jiraataniifi mana barumsaattis walii galtee uumuu keessatti daran akka isaan fayyadu hubachuun danda'ameera. Haaluma kanaan barattoonni hedduun erga mana barumsaa dhufanii afaan dhalootaa isaanii cinatti afaan kan biroos nakka baratan ragaan argame ni ibsa.

## 4.2. Xiinxala Ragaalee Af-Gaaffii Barattootaaf Dhiyaatee

Gaaffiileen af-gaaffii barattootaaf addatti dhiiyaate gaaffilee sadii qofa ture. Gaaffii kanarratti hundaa'uun deebii barattoonni deebisan akkaataa walfakkeenya isaaniitiin walitti fiduun qaacceeffamanii jiru. Kunis kana ta'eef irra deddeebii hambisuuf jecha baay'ina barattootaatiin walitti cuunfamanii iddoo muraasatti walitti qabamanii xiinxalamaniiru. Malli kun baay'ina iddattoota af-gaaffii irratti hirmaatanii bifa salphaa ta'eefi dimshaashan xiinxaluuf nama gargaara jedhamee waan yaadameef filatame.

Af-gaaffiileen barattoota 20 ta'aniif dhiyaatanis:

- Fedhiifi ilaalchi ati afaan hedduu fayyadamuun daree keessatti dubbachuun barachuuf qabdu maal fakkaata?
- Akka ilaalcha keetti xiyyeefffannoon barattoonniifi barsiisonni afaan hedduu fayyadamuun baruu barsiisuuf maal ta'uu qaba jettee yaadda ?
- Ilaalchi hawaasni ati irraa keessa jiraattu garaa garaa fayyadamuu irratti qabu maal fakkaata ?

Gaaffiiwwan kanaa olitti dhiyaatan irratti barattoonni haala kanaa gadiitiin deebisaniiru.

Fedhiifi ilaalchi ati afaan hedduu fayyadamuun daree keessatti dubbachuun barachuuf qabdu maal fakkaata? gaaffii jedhu gaafatamaniif barattoonni yaada adda addaa kennaniiru. Barattoonni 12 ta'an akka deebisanitti afaan baay'ee dubbachuun barachuuf fedhii olaanaa akka qabaniifi carraa kanas barsiisonni tooftaa garaa garaatti fayyadamuun akka deggaraa jiran ibsaniiru. Barattoonni 6 ammoo fedhii giddu galeessaa kanqaban yoo ta'an, barattoonni 2 garuu fedhii akka hinqabne himu. barattoonni fedhii afaan hedduu fayyadamuun daree keessatti barachuu hinqabne akka jedhanitti afaan ittiin baratamuun ala afaan kanbiraa barachuun xiyyeeffannoo barattootaa bittimsuu danda'a waan ta'eef afaanuma tokko qofaan xiyyeeffannoo kennanii barachuutu gaariidha jechuun deebisaniiru.

Af-gaaffii barattootaaf dhiyaate inni lammaffaan: Akka ilaalcha keetti xiyyeefffannoon barattoonniifi barsiisonni afaan hedduu fayyadamuun hojii baruu barsiisuu milkeessuuf qaban maal ta'uu qaba jettee yaadda? kan jedhu yoo ta'u, barattoonni deebiin isaan kennan kan walitti dhiyaatu yoo ta'u, Tokkoffaa irratti barattoonni fedhii afaan hedduun barachuu qabaachuu akka

qabaniifi barsiisaan hundi barattootaaf carraa afaan beekaniin dubbachuu osoo kenneefii caalaatti barattoonni sodaa tokko malee afaan hedduu barachuu akka danda'an deebii barattoota gaaffiin kun dhiyaateef irraa hubatameera.Akkasumas barattoonni galmeewwan jechootaa afaan adda addaan qopha'an dubbisuun afaan hedduu baruuf akka gargaaru barattoonni muuxannoo isaaniirraa ka'anii dubbatu.

Af-gaaffiin sadaffaarratti barattootaaf dhiyaatee ammoo: Ilaalchi hawaasni ati irraa keessa jiraattu garaa garaa fayyadamuu irratti qabu maal fakkaata ? kan jedhu yoo ta'u, deebiin barattoonni kennanis ilaalchi hawaasni naannoo isaanii afaan garaa garaa barachuu ilaalchisee qabu gaarii ta'uu ibsaniiru. Namoota muraasa biratti garuu afaan hedduu baruun/dubbachuun akka afaan ofii dagachuu ta'etti kan lakka'an ta'uu dubbatu. Keessumaa ilaalchi namoonni tokko tokko qaban afaan isaanii qofti akka waan gaarii ta'etti namoonni muraasni kan ilaalan jiraachuu yaadni barattoonni kennan ni ibsa.

## 4.3. Xiinxala Ragaa Af-Gaaffii Barsiisotaaf Dhiyaaterraa Argame.

Barsiisota irraa ragaa argachuuf jecha af-gaaffiin adda addaa dhiyaateerraaf. Afgaaffii kana keessattis barsiisota hunda hirmaachisuun waan hindanda'amneef barsiisota 6 qofa filachuun afgaaffiin taasifameeraaf. Batsiisota 6 filachuun kan barbaachiseefis barsiisota gosa barnootaa adda addaa barsiisan irraa haala baruu-barsiisuu keessatti haala kamiin barattoonni afaan hedduu akka fayyadaman odeeffannoo quubsaa argachuuf jedhameeti. Barsiisonni af-gaaffii irratti hirmaatan kunis dhiira 4fi dubara 2 dha. Af-gaaffiwwan dhiyaatan kunneen barsiisota hundaafuu wal-fakkaataa yoo ta'an ,baay'inni af-gaaffilees 6 dha.Isaanis:

- Fedhii barattoonni afaan dhalootaa isaanii alatti afaan kan biroo fayyadamuuf qaban maal akka fakkaatuufi haalli barsiisaan itti deggaru maal fakkaata?
- Adeemsa baruu-barsiisuu keessatti afaan hedduu fayyadamuun barattootaaf faayidaa akkamii qaba?
- Afaan hedduun fayyadamtee barsiisuu keessatti rakkinni siqunname jiraa? Yoo jiraate maali? Rakkoo siquunnameef furmaata akkamii laatte?
- Hubannoo,fedhiifi kaka'umsa barattoottoonni afaan hedduu fayyadamuu irratti qaban dabaluuf osoo maal ta'ee wayya? Kanneen jedhan ture.

Af-gaaffiin tokkoffaan barsiisotaaf dhiyaate: Fedhii barattoonni afaan dhalootaa isaanii alatti afaan kan biroo fayyadamuuf qaban maal akka fakkaatuufi haalli barsiisaan itti gargaaru maal fakkaata? kan jedhu yoo ta'u, deebiin barsiisota irraa argame haala itti aanuun qindaa'ee dhiyaatee jira. Af gaaffii tokkoffaa kana irratti barsiisonni 2 akka ibsanitti fedhiin barattoonni afaan dhalootaa isaanii alatti afaan biraan barachuuf qaban gadi bu'aa ta'uusaa himu. Fedhiin barattootaa gadi bu'uu isaatiif wanti isaan akka sababaatti kaasanis sodaa baratttoonni afaan dubbachuuf qaban ta'uu isaati. Sodaa kana hanbisuuf ammoo barattoonni garee isaanii keessatti shaakala garaa garaa akka taasisaniif carraa kennuufiin kandeggeran ta'uu himuun, tooftaa kanaanis barattoonni hedduun afaan duraan dubbachuuf sodaatan baruu danda'uu isaanii barsiisonni kun lamaan yaada isaan kennan irraa hubachuun danda'ameera.

Haaluma wal-fakkaatuun qorataan yeroo lamaaf daawwannaa daree wayta gageessetti fedhiin hirmaannaa golaa barattoota kanaa giddu-galeessa ta'uu hubateera.Gama barsiisaa Afaan Oromoo goloota sana barsiisutiinis barattoota hunda wal-faana xiyyeeffannoo ittikennanii hirmaachisuu gubbaatti hanqinni kan mul'atu ta'uu qorataan hubatee jira. Bar-gaaffii barattoota kanaa irraayis deebiin fedhii Afaan Oromoo akka afaan lammaaffaa barachuuf qaban ilaalchisee gaafataman harki caalu fedhii olaanaafi isaa olii kan qaban akka ta'e qorataan hubatee jira.

Waan kana ta'eef, ragaaleen kunneen tokko isa biroo kan cimsu ta'ee argamuun isaa yoo wal-irratti qaacca'u wanti nuhubachiisu barattoonni kunneen otoo gama barsiisaa isaaniitiin haalli itti hirmaachisan fooyya'ee, fedhiin barattoota kanneenii dabaluu akka danda'u nama hubachiisa.

Walumaagalatti fedhiin barattoota afaan hedduu fayyadamuun barachuuf qaban gama barsiisotaafi gama qaama dhimmi isa ilaallatuutiin osoo xiyyeeffannoo argatee, fedhiin barattootaa kan fooyya'uu danda'u ta'uu qorataan ragaalee daawwannaa daree geggeesserraa argate hubachuu danda'eera.

Af-gaaffii barsiisotaaf dhiyaate lammaffaan immoo, Adeemsa baruu-barsiisuu keessatti afaan hedduu fayyadamuun barattootaaf faayidaa akkamii qaba? Kan jedhu ture . Gaaffii kana irratti hundaa'uun yaada barsiisonni faayidaa barattoonni afaan hedduun barachuu irraa argachaa jiran qindeessuun akka kanaa gadiitti qaaccesseera.

Af-danummaan barachuun barattootaaf dandeettii afaanota adda addaa akka horataniifi gabbifatan taasisa. Akka yaada barsiisota irraa argame irrraa hubatamutti barattoonni daree barnootaa keessatti afaan adda addaatiin baratan gama afaan dhalootaa isaanii cinatti afaan biraa barachuutiin milkaa'oo ta'uu ibsu. Barattoonni baay'een gara mana barumsaa wayita dhufan afaan tokko qofa kan beekan, erga barnoota eegalanii booda garuu afaan dhalootaa isaanii cinatti yoo xiqqaate afaan biraa baruu danda'aniiru. Kunis kan ta'uu danda'eef barnoota afaanii bifa idileetiin akka gosa tokkootti barataniifi bifa dhokataan( ibsa, shaakala, ajaja) kennamuun ta'uu ragaan barsiisota irraa argame ni addeessa.

Qabiyyee barnootaa afaanota adda addaan gadi fageenyaan akka hubatan taasisa. Akka ragaa barsiisota irraa argametti faayidaan barattoonni af-danummaa irraa argatan inni lammataa qabiyyee barnootaa afaan garaa garaatiin gadi fageenyaan hubachuu danda'uudha. Kaniifis akka sababaatti kan isaan ka'an jechoonniifi yaadonni afaanota adda addaa keessa jiran qaqbiyyee tokko ibsuurratti adda addummaa qabaachuu waan danda'aniif. Dabalataanis beekumsa hawaasaa afaanota adda addaa keessa jiru wal cina qabuun waan ibsamuuf barattoonni qabiyyee tokkorratti hubannoo kallattii adda addaa akka horatan taasisa.

Aadaa, duudhaafi beekumsa hawaasaa afaanota kanneenii sirriitti hubatu. Akkuma beekamu afaan baattuu aadaa, duudhaafi beekumsa hawaasa tokkooti. Hawaasa tokko sirriitti hubachuudhaaf afaan isaa gadifageenyaan beekuun barbaachisaadha. akka odeeffannoo barsiisota irraa argamerraa hubachuun danda'amutti barattoonni afaan lamaafi isaa olbeekan qophiilee garaa garaa kanneen akka gumii afaaniifi aadaa Oromoo keessatti yoo hirmaatan aadaa sabaafi sablamoota adda addaa sirriitti akka beekan hubachuun nidanda'ama jechuun yaada isaanii kennaniiru.

Barattoonni kalattii adda addaan dorgomaa akka ta'aniif gargaara. Barattoonni afaan hedduu beekan kanneen afaan tokko qofa beekan caalaa milkaa'oo ta'uu isaanii ragaa barsiisotaaf afgaaffii dhiyaateef irraa nihubatama. Barattoonni mana barumsaa qorannoon kun keessatti adeemsifame kanneen afaan hedduu beekan baay'een isaanii kanneen afaan tokko beekan caalaa dorgomiiwwan mana barumsichaa keessatti adeemsifamu irratti milka'oo ta'uu isaanii barsiisonni odeeffannoon irraa argame nimirkaneessu.

Af-gaaffii sadaffaan barsiisotaaf dhiyaate ammoo, Afaan hedduun fayyadamtee barsiisuu keessatti rakkinni siqunname jiraa? Yoo jiraate maali? Rakkoo siquunnameef furmaata akkamii laatte? kanjedhuudha.

Barsiisonni hundi gaaffiin kun dhiyaateef eyyee jechuun deebisaniiru. Ittuma fufuun qorataan kun dhiibbaa afdanummaan geessise kun maal akka ta'e akka ibsaniif gaaffii barsiisotaaf dhiyeesseen yaadni isaan kaasan waliigalatti akka armaan gadiitti akka walitti dhiyeenya isaaniitiin qaacceefamaniiiru.

Barattoonni afaan dhalootaa isaaniif xiyyeefannoo kennuu dhabuu. akka ragaa barsiisota irraa argamerraa hubachuun danda'amutti barattoonni mana barumsichaa keessatti afaan lamaafi isaa ol dubbatan yeroo baay'ee afaan dhalootaa isaanii caalaa afaan kanneen biroo dubbachuu irra caalaa filatu. Keessumaa rakkoon kun barattoota Afaan Oromoo afaan dhalootaa isaanii ta'e afaan Oromoo caalaa afaan Amaaraa dubbachuutti gammadu.
Aadaafi eenyummaa isaanii sirriitti beekuu dhabuu. Barattoonni afaan dhalootaa isaaniif xiyyeeffannoo hin laanne, akkasumas aadaafi eenyummaa isaaniif xiyyeeffannoo isaan kennan gadi bu'aa ta'uusaa barsiisonni ragaan kun irraa argame nidubbatu. Keessumaa akka barsiisota qorataan kun odeeffannoo irraa funaannate keessaa barsiisaan Afaan Oromoo tokko ibsutti afaan saba tokkoo aadaafi eenyummaa sabichaa ibsuuf humna guddaa qaba jechuun dubbata. kanaafuu aadaafi eenyummaa saba tokkoo afaanuma isaatiin ibsuu malee, afaan kan biraan ibsuun rakkisaadha jechuun yaada isaanii kennu.

Afaan waliin makuun dubbachuu. akkuma beekamu hawaasa afdaneessa ta'e keessatti rakkoon afaan walmakuu mul'achuun isaa waan hafu miti. qorataan kun odeeffannoo barsiisota irraa argateen barattoonni mana barumsaa qorannoon kun irratti gaggeeffamee afaan waliin makuun akka dubbatan odeeffateera. Fakkeenyaaf akka barsiisonni kun jedhanitti barattoonni yogguu barsiisaan xumura barnoota guyyuu irratti " Wanta har'a barattan irratti wanti ifa isiniif hin taane jiraa?" jedhee gaafatu deebiin barattootaa lakkii yoo ta'e, " Teacher, bexaamitti nuuf galeera" jechuun deebisu.
Af-gaaffii barsiisotaaf dhiyaate kan afuraffaan: Hubannoo, fedhiifi kaka'umsa barattoottoonni afaan hedduu fayyadamuu irratti qaban dabaluuf osoo maal ta'ee wayya? Kan jedhu ture.

Ga'umsa barattoonni qaban cimsuuf dursa hubannoo kennuufiin ilaalcha isaanii jijjiiruun barbaachisaa akka ta'e barsiisonni ibsanii jiru. Akkasumas barsiisonni hojii garee keessatti barattoonni afaan tokko qofa beekan kanneen afaan hedduu beekaniin akka walmakamanii hojjetan taasisuun akka afaan walirraa baratan taasisuudha jechuun yaada isaanii ibsaniiru.

Dabalataanis, barsiisonni adeemsa baruu-barsiisuu keessatti qabiyyee barnootichaa barattoonni sirriitti akka hubataniif afaan garaa garaan ibsuufii akka qabuudha.

Walumaa galatti, dandeettii barattoota kanaa fooyyessuuf tokkoffaa, ilaalcha isaanii irraa ka'uun hojjachuun akka jaalala afaan garaa garaa horatan gochuun barbaachisaa akka ta'eefi lammaffaan immoo, wantoota isaanii hingalle barattoota(hiriyyoota isaanii) afaan danda'an irraa adda baasanii bifa tiitooriyaaliitiin addatti foo'anii qabiyyee salphaa irraa gara ulfaataafi wal-xaxaatti suutaan akka baratanii of-fooyyessan yoo ta'e, dandeettii isaanii fooyyessuun akka dada'amu qorataan kun amantaa qaba.

## 4.4. Xiinxala Daawwannaa Daree

Akkuma boqonnaa sadi keessatti ibsametti daawwannaan daree ragaa qorannoo mirkaneessuuf adeemsifamu keessaa isa tokko yoo ta'u, amansiisummaan isaa guddaa ta'ee argama. Kanarraa kan ka'e qorataan kunis bar-gaaffiifi af-gaaffiitti dabalee daawwannaa dareetis gargaaramuun ragaalee funaannatee jira. Qorataan kun daawwannaa daree dursa irratti erga geggeessee booda hanqina mul'atan ilaalchisee barsiisotaafi barattoota daawwatamaniif af-gaaffii dhiyeessuudhaan deebii isaan irraa argate jechuun barataa irraa kaasee hanga barsiisaatti jiru wal-duraa duubaan xiinxalee jira. Itti aansuudhaanis qorataan ragaa daawwannaa daree irraa argate bifa itti aanu kanaan xiinxalee jira.

Daawwannaan daree kun daree hunda seenuun waan ulfaatuuf kutaa 5-8tti daree saddet jiran keessaa daree afur filachuun daree afurfanuu keessatti daawwannaa adeemsiseera. Unki mirkaneeffannaa daawwannaa dareetiif qophaa'e kun kutaalee lama qaba. Isaanis:kan barsiisaafi kan barataa ilaallatu ture. Guca daawwii daree keessattis safartoowwan mirkaneeffannaa daawwii daree shan safartoo ulfaatina isaanii waliin asii gaditti ibsamanii jiru.

Isaaniis: 5= Haalaan Olaanaa, 4= Olaanaa, 3= Giddu-galeessa,2= Gadi-aannafi 1= Haalaan Gadi-aanaa kanneen jedhamaniidha.

### 4.4.1. Daawwii Daree Kan Barsiisotaafi barattoota Ilaallatu

Akkuma beekamu daawwannaa daree keessatti irra caalaa xiyyeeffannoon kan kennamuuf haala baruu-barsiisuu yoo ta'u, kana keessatti kan qooda fudhatan ammoo barattootaafi barsiisota ta'u. Kanaafuu qorataan kun daawwii daree adeemsise keessatti barattootaafi barsiisota irratti

xiyyeeffachuun haala fayyadama afdanummaa daree keessaa daawwateera. Kutaa barsiisaa ilaallatu jalatti qabxileen daawwataman akkaataa barsiisaan barattootaaf afaan hedduu fayyadamuun ibsuu, barattoota kutaatti hirmaachisuufi gareen hojjechiisuu, barattoota jajjabeessuu, hojii dareefi hojii manaa hojjachuu keessatti afaan adda addaa fayyadamuun barsiisu kan jedhaman guca mirkaneeffannaa daawwannaa daree keessatti kanneen hammatamaniidha.

Haaluma kanaan daawwannaa daree keessatti taasise irraa qorataan mirkaneeffachuu kan danda’e, afaan garaa garaatti fayyadamuun barsiisaan/tuun haala barattootaaf ibsa ittiin kennan irratti daree tokko tokko keessatti haalaan olaanaafi daree tokko tokko keessatti immoo olaanaa akka ta’e ragaa irraa hubachuu danda’eera. Kunis dareewwan daawwataman arfan hunda keessatti barsiisonni afaan garaa garaa fayyadamuun ibsa kennuu haalaan raawwatanii jiru. Barattoota kutaa keessatti hirmaachisuudhaan gareen akka hojjatan taasisuu irratti immoo darbee darbee haalli fooyya’aa ta’e jiraatus, sirriitti hirmaachisuu irratti hanqinni kan mul’atuufi sadarkaa giddu- galeessa irra kan jiru ta’uun hubatamee jira. Sababni isaas, akkuma qorataan daree keessatti hojii baruu-barsiisuu irraa hubachuufi mirkaneeffachuu danda’etti daree tokko tokko keessatti barsiisonni baratuma sochii gaarii daree keessatti qabu qabatanii yeroo deeman hubachuun danda’amee jira. Kun immoo, keessattuu barattoota Afaan Oromoo akka afaan lammaffaa baratan irratti dhibbaa hirmaannaan ala ta’uu fidee jira. Gama barattoota jajjabeessuu, akkasumas hojii manaafi hojii daree dabtara barattootaa ilaaluun mirkaneessuu irrattis haaluma wal-fakkaatuun ammas warruma hojjateefi dafee dabtara agarsiifate qofa duukaa bu’uun warra kaan dagachuun nimul’ata. Kunis barattoota daree sanaa wal-qixa hirmaachisuu irratti qaawwa ta’ee argamee jira.Waan kana ta’eef, hanqinni mul’ate kun yoo dafee hinfuramne afaan dhalootas ta’e,afaan lammaffaa barsiisuufi barachuu irratti gufuu ta’uu akka danda’u qorataan irra ga’eera. .

Walumaagalatti daawwannaa daree kan raawwii barsiisaa ilaallatu kana keessatti hojjileen kutaa keessatti barsiisaan gama dhuunfaa isaatiin baruu-barsiisuu ilaalchisee raawwatu gaarii ta’ee osoo jiruu, gama barattoota waliin wal-qunnamee hojii baruu-barsiisuu kana milkeessuuf taasisu keessatti garuu, hanqinoonni tokko tokko yoo mul’atan qorataan kun arguu danda’eera.

Fakkeenyaaf, barattoota yeroo barsiisaan barsiisu wanta biraa dalagan, barattoota hojiin garee yeroo kennameef haasawa biroo haasa’an, barattoota hirmaannaa laafaa qaban yookiin

hinhirmaanne dadammaksuu dhabuu irraatti, barattoota hirmaannaa qaban qofa qabatanii deemuu, hojii golaa barattootuma dafanii fixaniif qofa dabtara sireessanii kan duubatti hafan ittuma dhiisuu, barattoota deebii afaaniin gaafatamanii deebii sirrii argachuu dadhaban garuu, kan yaalan jajjabeessuu dhabuufi kan kana fakkaatu hanqinoota gola keessatti gama barsiisaatiin mul'atan ta'uu qorataan daawwannaa golaa godhame irraa hubachuu danda'ee jira. Kun immoo gola keessatti raawwatamuu yoo baateefi ilaalcha wal-qixa ta'een kan hinkeessummeessine taanaan barattoota bifa lamaa, jechuun kan afaan danda'aniifi afaan hindandeenye walitti maknee barsiisuun bu'aa qaba jennee yaaduun yaahafuutii barattootuma afaan lamaafi isaa ol sirriitti danda'aniifuu, haala asii olitti mul'ate kanaan kan deemamu yookiin kan barsiifamu taanaan rakkoo guddaadha.

Sababni isaas barattoonni gola baratan keessatti ija tokkoon ilaalamanii hirmaannaa wal-qixaa barsiisaa isaaniitiin yoo hinlaatamneef hamilee warra afaan hindandeenyee irratti rakkoo waan ta'uuf gosa barnooticha sana illee barsiisuma sanaa waliin hanga jibbuutti niga'u. Waan kana ta'eef hanga danda'ametti barsiisaan tokko hanqinaalee asii oliitti mul'atan yoo kan fooyyeffatu ta'e barattoota afaan lamaafi isaa ol fayyadamuun adeemfa baruu-barsiisuu keessatti hirmaannaa isaanii dabaluun bu'a qabeessa taa'uu akka danda'aman qorataan mirkaneeffatee jira.

kutaa barataa ilaallatu jalatti immoo gucni daawwannaa dareefi qophaa'e kan mirkaneefachuuf yaale, barataan fedhii barachuu qabaachuufi dhabuusaa, yaada wal-jijjuuruuf carraa argachuufi dhabuusaa, yaadannoo qabachuufi dhiisuu isaa, hojii garee keessatti hirmaachuufi hirmaachuu dhabuusaakanneen jedhan ture ture. Haaluma kanaan fedhiin barattoonni kanneen afaan dhalootaa isaanii afaan Oromoo ta'e afaanichaa alatti afaan Amaaraan barachuuf qabaniifi kanneen afaan dhalootaa isaanii afaan biraa ta'e afaan Oromoo barachuuf qaban daree keessaafi alatti gadaanaas, olaanaas haalli itti ta'ee mul'ate nijira. Yaada barsiisaa isaanii waliin wal-jijjiiruuf carraan isaan argatan immoo, jiddu-galeessa ta'ee argamee jira. Daree tokko tokko keesatti immoo kunumtuu gadi-aanaa ta'ee mul'atee jira.Yaadannoo qabachuu irrattis hirmaannaan isaanii giddu-galeessa ta'ee argamee jira. Gama biraatiin immoo gaaffii yookaan wanta isaanii hingalle gaafachuu irratti immoo,olaanaa hanga jiddu-galeessaa yoota'u, hanga ta'e fooyyee ta'ee mul'ateera.Hojii garee keessatti hirmaannaan isaanii immoo, daree tokko tokko keessatti olaanaa, daree biroo keessatti immoo, giddu-galeessas gadi-aanaas ta'ee haalli itti

mul’ate jira. Waliigalaatiin bu’aan daawwannaa daree irraa argame haaluma barsiisaa daree barsiisuutiin kan garaa garummaa qabu ta’uun hubatamee jira.

# BOQONNAA SHAN: GUDUUNFAA, ARGANNOOFI YABOO

## 5.1. Guduunfaa

Kaayyoon qorannoo kanaa mana barumsaa dhuunfaa Giriin Gafarsaa sadarkaa tokkoffaa, Bulchiinsa Magaalaa Buraayyuu keessatti argamu keessatti faayidaafi dhiibbaa af-danummaan adeemsa baruufi barsiisuu keessatti barattoota irratti qabu maal kan jedhu xiinxaluun ibsuu ture. Kaayyoo kana galmaan ga'uuf odeeffannoon barbaachisaa waan ta'eef barattootaafi barsiisota mana barumsaa kana keessatti argaman irraa bifa bargaaffii, afgaaffiifi daawwannaa dareetiin ragaan funaanamee jira. Haaluma kanaan ragaalee walitti qabaman keessaa kanneen bifa bargaaffiin barattoota irraa funaanaman  gara dhibbeentaatti jijjiiramuun kan qaacceffaman yemmuu ta'an, raga af-gaaffiin barattoota 20fi barsiisota 6 irraa argame immoo parsantaa osoo hinbarbaachifne akkanumatti xiinxalamuun ibsamanii jiru. Haaluma kanaan odeeffannoowwan walitti qabaman ragaa argamerratti hundaa'uun xiinxalamanii jiru. Walumaa galatti ragaalee xiinxalamaniitiin bu'aan qorannoo kanaa akka armaan gadiitti dhiyaatee jira.

Akka bu'aa qorannoo kanaatti barattoonni afaan hedduu fayyadamuun baratan kunniin fedhiin afaan hedduu fayyadamuun barachuuf qaban giddu-galeessa ta'uun hubatamee jira. Kunis %47 yoo ta'an, warri fedhii haalaan olaanaafi olaanaa ta'an immoo,%44 ta'u. gadaanaafi haalaan gadaanaa warri ta'an immoo walduraa duubaan %8fi %1 ta'u. Walumaagalatti warri fedhiin isaanii jiddu-galeessa ta'e %47 ta'uunsaa barattoonni kun yoo haalli mijaa'eef fedhiin afaan hedduu fayyadamuun barachuu isaanii gaarii akka ta'e nama hubachiisa. Sababni isaas dimshaashumatti barattoonni %91 ta'an fedhiin isaan afaan hedduun barachuuf qaban haalaan olaanaa hanga jiddu-galeessaa waan ta'eefidha. Af-gaaffii barattootaaf godhamerraas haallii baruu-barsiisuu keessatti afaan garaa garaa fayyadamuun wal-qunnamtii afaanii irratti hundaa'uun osoo barsiisonni isaan barsiisanii kan filatan ta'uu ragaa irraa hubachuun danda'amee jira.

Haata'u malee yeroo ammaa kana daree daawwataman keessatti malleen afaan barsiisuuf tajaajilan kanneen akka wal-qunnamtii irratti hundaa'uun afaan barsiisuu,marii gareefi kkf. barsiisonni haalaan kan itti hinfayyadamin ta'uun mirkanaa'ee jira. Gama biraatiin immoo barsiisonni kanneen malleen kanneen fayyadamuuf yaalanillee garee tokko keessatti barattoonniwaan bay'ataniif carraan keessatti hirmaachuu isaanii baay'ee dhiphaadha. Waan

kana ta’eef miseensonni garee tokkoo barattoota 3-5 kan hincaalle osoo ta’ee carraa hirmaannaa bal’aa akka argachuu danda’an kan fedhan ta’uufi ijaarsa hojii garee keessatti barattoonni afaan sirriitti beekaniifi kanneen biroon walkeessa makamanii hojjetanii afaan baruu irratti milkaa’uu akka danda’an hubatamee jira.

Afaan garaa garaa adeemsa baruu-barsiisuu keessatti barattoota wal-qixa hirmaachisuu ilaalchisee, yeroo daawwannaan daree godhametti gama barsiisotaatiin qaawwi kan jiru ta’uun hubatamee jira. Kanumaan wal-qabatee yeroo barattoonni hojii garee daree keessatti waliin hojjatan hordoffiin isaaniif godhamu xiqqaa ta’uu, warra dura hojii daree xumuranii ilaalchifataniin ala kan duubatti hafanii xumuranii agarsiifachuuf dhufan keessummaa’uu dhabuu qorataan hubatee jira.

Akkuma beekamu wayitiin barnoota afaaniif (Afaan Oromoofi Afaan Amaaraa) kennamu torbanitti muraasa waan ta’eef barsiisaan yeroo barnoota kanneen itti barsiisuufi barattoota isaa itti deggeru gahaa argachuu akka hindandeenye taasisee jira.

Fedhiin barattoonni hojii manaa, hojii dareefi hojii garee irratti hirmaachuuf qaban kan nama gammachiisu akka hintaane hubatamee jira. Sababni hirmaannaan isaanii xiqqaateef inni guddaan immoo wanti isaan hojjatan ilaalamee duub-deebii hinarganneefi gola keessatti hirmaachuuf immoo dogongora uumuu sodachuu irraa kan ka’e hirmachuu akka hinbarbaanne ragaan nimirkaneessa. Ittifayyadama meeshaalee deeggarsa barnootaa ilaalchisee yaada dhiyaate irratti, meeshaalee deeggarsa barnootaatiin fayyadamanii barsiisuun hinmul’atu. Sababa kun ta’eef barsiisonni yeroo gaafataman, mata-dureen akka isaan hinaffeerre warri kaasan nijiru. Gariin isaanii immoo sababa hanqina yeroo qabaniin akka xiyyeeffannoo itti hinkennines hubachuun danda’amee jira. Gama biraatiin immoo ilaalchi gama maatii barattoota afaan garaa garaa irratti qabanii darbee darbee mul’atu barattoonni afaan dhalootaa isaanii ala afaan lammaffaa barachuusaanii irratti gufuu akka ta’e hubatamee jira.

Haaluma wal-fakkaatuun gama barattoota tokko tokkootinis ilaalchota mul’atan dhabamsiisuuf gama barsiisaa isaan barsiisuutiin wal-qixxummaa afaanotaafi faayidaa afaanii ilaalchisee hubannoon barattoota kanneeniif akka hinlaatamin hubachuun danda’amee jira.

## 5.2. Argannoo Qorannichaa

Faayidaafi dhiibbaa af-danummaan adeemsa baruu-barsiisuu keessatti barattoota irratti qabu sakkata'uun ibsuuf ragaaleen malleen funaansa odeeffannoo kanneen akka af-gaaffii, bar-gaaaffiifi daawwannaa irraa argaman bu'ura godhachuun argannoowwan qorannichaa akka armaan gadiitti dhiyaatanii jiru.

-  Barattoonni seenduubee afaaniifi aadaa adda addaa qaban mana barumsichaa keessatti kan argamaniifi mana barumsichaa keessatti barnoonni daree Afaan Oromoofi Afaan Amaaraa kan jiran ta'ee, barattoonni garuu Afaan Oromoofi Afaan Amaaraa waliin kanfayyadaman ta'uusaa qoratichi adda baaseera.

-  Barattoonni baay'een afaan dhalootaa/afaan ittiin hiikkatanii alatti afaan kan biraa barachuuf, dubbachuufi itti fayyadamuuf fedhii kanqaban ta'uufi barattoota muraasa biratti garuu ilaalchi afaan biraaf kennan dogoggora ta'uu adda baasuun hubatameera.

-  Barattoonni afaan lamaafi isaa ilitiin barachuun qabiyyee barnootaa gadi-fageenyaan hubachuu, hariiroo barattoota biroo waliin qaban cimsachuufi aadaa saba biraa beekuuf kan isaan gargaaru ta'uun hubatameera.

-  Afaan lamaafi isaa olfayyadamuun ammo barattoota muraasa irratti dhiibbaa kanneen akka aadaa ofiif xiyyeeffannoo kennuu dhabuu, eenyummaa ofii dagachuufi afaan waliin makuun dubbachuu akka fide qorannoo kanaan adda baasuun danda'ameera.

## 5.3. Yaboo

Bu’aan qorannoo kanaa xiinxala faayidaafi dhiibbaa af-heddummaan baruu-barachuu barattootaa irratti qabu kan mana barnootaa dhu unfaa magaalaa Buraayyuu keessatti argaman kan jedhu ture. Kanaaf, barattoonni afaan hedduu fayyadamuun baruu- barsiisuu mirkaneessuuf yaadni furmaataa kan armaan gadii kennamee jira.

Adeemsa baruu-barsiisuu keessatti warreen kallattiin qooda fudhatan barsiisaafi barattoota ta’uun nibeekama. Haaluma kanaan barsiisotas ta’ee, barattoonni adeemsa baruu-barsiisuu keessatti qaamni kun lachuu ga’ee isaan irraa eegamu bahuun barbaachisaadha. Gahee isaan irraa eegamu bahuu dhabuu irratti hanqinaaleen tokko tokko mul’atanii jiru. Kanaafuu, barsiisonni hanqinaalee barattoota Afaan Oromoos ta’e Afaan Amaaraa akka afaan lammaffaatti baratan irratti gama daree guutuu wal-qixa hirmaachisuu dhabuun mul’atuufi hanqinaalee gama hordoffii dareetiin mul’atan fooyyessuutu irraa eegama.

Adeemsi baruu-barsiisuu afaaniis mala wal-qunnamtii afaanii irratti kan hinxiyyeeffatin ta’uun hubatamee jira. Waan kana ta’eef, kunis fooyya’uutu irra jiraata.

Afaan Oromoofi Afaan Amaaraa akka afaan lammaffaa barachuurratti ilaalcha gaarii hintaane kan gama barattoota tokko tokkootiifi maatii barattoota tokko tokkoo biratti calaqqisan dhabamsiisuuf gama bulchiinsa mana barumsaafi karaa barsiisotaatiin osoo hubannoon kennameefii bayeessa ta’a.

# WABIILEE


Abebayehu M And Endashaw W (2009). *Multilingualism In Ethiopia*: Consequances On Foreign Language Teaching And Learning. Addis Ababa. Kan Hin Maxxanfamin.

Alelign Aschale (2013). *Language Policy And Practices In Ethiopia During The Emperial Regime.* Addis Ababa

Aronin Larissa (2019). *What is Multilingualism?* In David Singleton and Larissa Aronin (eds.)

Blackwell (2008). *Guide to research methodology in bilingualism and multilingualism.* Blackwell publishing

Benard Odoyo (2014). *Benefit Of Multilingualism In Education*: Universal Journal Of Educational Research. Maseno University. Horizon Research Publishing.

Bialystok, R. (1992). *An Introduction to Bilingualism.* Pearson Education Limited: Essex.

Cook, J. (1995). *The role of bilingual literacy in the acquisition of a third language.* In C.

Crystal (1987). *Bilingualism and enhanced attention in early adulthood*. International Journal of Bilingual Education and Bilingualism, 14(1), 1–22.

Dastaa Dassaalany. (2002). *Bu'uura Qorannoo*. Finfinnee: Yuunivarsiitis Addis Ababaa.

D'Acierno, M. R. (1990). *Three Types of Bilingualism*. Educational Resources Information Centre (ERIC). At http://www.eric.ed.gov:80/PDFS/ ED321574.pdf (accessed 3 June 2011).

Durk Gorter (2015). *Benefit Of Linguistic Diversity And Multilingualism*.

Haugen, E. (1953). *The Norwegian language in America: A study in bilingual behavior*. Philadelphia: Pennsylvania Press.

Jack C. Richard And Richard Schmith (2002). *Longman Dictionary Of Language*. Pearson Education Limited. 3rd Ed.

Jasone cenoz (2013). *Annual Review of Applied Linguistics* .Cambridge University Press.

Joyce Milambiling (). *Bringing One Language To Another*: Multilingualism As A Source In The Language Class Room.

May, Hill, & Tiakiwai, F. ( 2004). *The bilingual brain –proficiency and age of acquisition of second language.*

Lyre Ruiz de Zarobe and Yolanda de Zarobe(2015). *New perspective on multilingual and L2 acquisition.*

LittleWood, W.(1981). *Communicative Language Teaching*. Cambridge: Cambridge University press.

Loretta Bitane Ikome (2014). *Using Afan Oromo As Primary Language Of Learning And Teaching In Selected School In Addis Ababa*: Policy, Problem And Strategies. Kan Hin Maxxanfamne.

Lissa Ann Burton (2013). *Mother Tongue Based Multilingualism Education In Phillippines*.

Marilyn Vihman (1985). Article in journal of child language.

MIME (2017). *The multilingual challenge: toward policy response.*

Nunan, D.(1989). *Des* Nunan, D.(1989). *Designing Tasks for The Communicative Classroom*.Cambridge: Cambridge University Press.

*igning Tasks for The Communicative Classroom*.Cambridge: Cambridge University Press.

Renolds, T. (1991). *The importance of bilingual experience in assessing bilingual advantages In executive functions*. Cortex. (in press, December, 2015).

Ricciardelli, (1992). *Attention and inhibition in bilingual children*: evidence from the

dimensional change card sort task. Developmental Science. 7. 325–339.

Rosemary C. Salome (2010). *Multilingualism And Multiculturalism*.

Suzzane Romaine. (1995). *Language-learning strategies in monolingual and multilingual adults*. Language Learning, 40(2), 221–244.

**Toora Marsariitii irraa kan argame**

Charlotte Franson: http://www.naldic.org.uk/ITTSEAL2/teaching/B1.cfm Last updated 2nd May 2009

http://www.naldic.org.uk/ITTSEAL2/teaching/B1.cfm 02/10/2011

UNESCO, 2011) http://www .ryerson.com/my language/resource/dvd

http://www.naldic.org.uk/ITTSEAL2/teaching/B1.cfm 02/10/2011

http://eclke.ohs.acf.hhs.govFradd .(2000)

# DABALEEWWAN

Dabalee A: Bar-gaaffii Barattootaaf Qophaa'e

Yuunivarsiitii Addis Ababaa

Muummee Afaan Oromoofi Ogbarruu

Barattoota bar-gaaffiin dhiyaateefiin kan guutamu.

bar-gaaffii kun faayidaafi dhiibbaa afheddummaan baruu barachuu barattootaa irratti qabu adda baasuu ta'a. odeeffannoon ati naaf kennitu bu'aa qorannoo kanaaf murteessaa waan ta'eef, bilisa ta'uun bar-gaaffii kana akka naaf guuttu kabajaan sigaafadha. Odeeffannoon sirraa argadhu iccitiin kan qabamu akkasumas hojii qorannoo kana qofaaf kan oolu ta'uusaa siif mirkaneessa.

Maqaa kee barressuun hinbarbaachisu.

Galatoomi?

Qajeelfama Waliigalaa:

a. Gaaffiiwwan filannoo qaban kallattii lakkoofsa filannoo keetiitti marsuun deebisi.

b. Gaaffiiwwan barressuun barbaachisaa ta'eetti yaada kee gabaabsuun barreessi.

Kutaa tokko: Odeeffannoo waliigalaa

1. Maqaa mana barnootaa __________________

2. Kutaa________________ Saala ____________ Umrii ________

Kutaa lama: Bar-gaaffii Odeeffannoo Qorannoof Barbaachisanii

1. Afaan dhalootaakee kami?/afaan kamiin afaan hiikkatte?

A= Afaan Oromoo C= Afaan Ingilizii

B= Afaan Amaaraa D= Kan biraa______________________

2. Maatiikee waliin afaan kamiin walii galta?

A= Afaan Oromoo qofa

B= Afaan Amaaraa qofa

C= Afaan Ingilizii qofa

D= Afaan Oromoofi Afaan Amaaraa

E= Afaan Oromoo, Afaan Amaaraafi Afaan Ingilizii

F= kan biraa____________________

3. Mana barumsaatti hiriyootakee waliin afaan kamiin walii galuu dandeessu?

A= Afaan Oromoo qofa

B= Afaan Amaaraa qofa

C= Afaan Ingilizii qofa

D= Afaan Oromoofi Afaan Amaaraa

E= Afaan Oromoo, Afaan Amaaraafi Afaan Ingilizii

F= Kan biraa_____________________

4. Daree barnootaan alatti walquunnamtii namoota waliin taasiftuun afaan hedduu baruuf fedhiin ati qabdu maal fakkaata?

A= Haalaan olaanaa

B= Olaanaa

C= Giddu-galeessa

D= Gadi-aanaa

E= Haalaan gadi-aanaa

5. Gargaarsi barsiisonni daree alatti mala wal-quunnamtiin afaan baruuf sii taasisan maal fakkaata?

A=Haalaan olaanaa

B=Olaanaa

C=Giddu-galeessa

D=Gadi-aanaa

E=Haalaan gadi-aanaa

6. Daree barnootaa keessatti afaan beektuun dubbachuuf fedhii qabdu maal fakkaata?

A=Haalaan olaanaa

B=Olaanaa

C=Giddu-galeessa

D=Gadi-aanaa

E=Haalaan gadi-aanaa

7. Barsiisonni kee afaan beektuu akka dubbattuuf carraa siif kennuu?

A=Haalaan olaanaa

B=Olaanaa

C=Giddu-galeessa

D=Gadi-aanaa

E=Haalaan gadi-aanaa

8. Barsiisonni kee daree keessatti afaan beektuun gaaffii akka gaafattuufi deebii deebistuuf carraan siif kennan hagam sifayyade?

A=Haalaan olaanaa

B=Olaanaa

C=Giddu-galeessa

D=Gadi-aanaa

E=Haalaan gadi-aanaa

9. Daree keessatti barnoota afaan garaa garaatiin(Afaan Oromoo, Afaan Amaaraa, Afaan Ingilizii) barachuun faayidaa hagamii siif qabaa?

A=Haalaan olaanaa

B=Olaanaa

C=Giddu-galeessa

D=Gadi-aanaa

E=Haalaan gadi-aanaa

Dabalee B: Af-gaaffii Barattootaaf Qophaa'ee

Yuunivarsiitii Addis Ababaa

Muummee Afaan Oromoofi Ogbarruu

Barattoota af-gaaffiif filatamaniin kan deebi'u.

Kaayyoon Af-gaaffii kanaa faayidaafi dhiibbaa af-heddummaan baruu-barachuu barattootaa irratt qabu adda baasuu ta'a. odeefannoon ati naaf kennitu, bu'aa qorannoo kanaa nimurteessa. Kanaaf, af-gaaffii siif dhiyaate kana bilisa ta'uun akka naaf deebiftu kabajaan sigaafadha. Odeeffannoon sirraa argadhu iccitiin kan qabamu akkasumas hojii qorannoo kana qofaaf kan oolu ta'uusaa siif mirkaneessa.

Galatoomi

Kutaa tokko qajeelfama waliigalaa

Maqaa mana barumsaa ___________

Saala __________

Umrii:_____________

Kutaa Lama: Af-gaaffii dhiyaate

Fedhiifi ilaalchi ati afaan hedduu fayyadamuun daree keessatti dubbachuun barachuuf qabdu maal fakkaata?

Akka ilaalcha keetti xiyyeefffannoon barattoonniifi barsiisonni afaan hedduu fayyadamuun baruu barsiisuu milkeessuuf maal ta'uu qaba jettee yaadda ?

Ilaalchi hawaasni ati irraa keessa jiraattu afaan garaa garaa fayyadamuu irratti qabu maal fakkaata ?

Dabalee C: Af-gaaffii Barsiisotaaf Qophaa'ee

Yuunivarsiitii Addis Ababaa

Muummee Afaan Oromoofi Ogbarruu

Barsiisota Afaan Oromoo Barsiisaniin kan deebi'u

Kaayyoon Af-gaaffii kanaa faayidaafi dhiibbaa af-heddummaan baruu-barsiisuu keesatti keessatti qabu adda baasuu ta'a. Odeeffannoo dhugaa ati naaf kennitu, bu'aa qorannoo kanaa nimurteessa. Kanaaf, af-gaaffii siif dhiyaate kana bilisa ta'uun akka naaf deebiftu kabajaan sigaafadha. Odeeffannoon sirraa argadhu iccitiin kan qabamu akkasumas hojii qorannoo kana qofaaf kan oolu ta'uusaa siif mirkaneessa.

Galatoomi.

Kutaa tokko qajeelfama waliigalaa

Maqaa mana barumsaa ___________

Saala __________

Umrii:_____________

Sadarkaa barnootaa ___________

Barnoota ittin leenjifaman __________

Bara tajaajilaa ____________

Kutaa Lama: Af-gaaffii Dhiyaate

Fedhii barattoonni afaan dhalootaa isaanii alatti afaan kan biroo fayyadamuuf qaban maal akka fakkaatuufi haalli barsiisaan itti deggaru maal fakkaata?

Adeemsa baruu-barsiisuu keessatti afaan hedduu fayyadamuun barattootaaf faayidaa akkamii qaba?

Afaan hedduun fayyadamtee barsiisuu keessatti rakkinni siqunname jiraa? Yoo jiraate maali? Rakkoo siquunnameef furmaata akkamii laatte?

Hubanno, fedhiifi kaka’umsa barattoottoonni afaan hedduu fayyadamuu irratti qaban dabaluuf osoo maal ta’ee wayya?